

**Qajeelfama Bulchiinsa fi Misooma Humna Namaa Komishinii Waldaalee Hojii Gamtaa
Itoophiyaa Lakk.907/2014**

Wax. 13/2014 A.L.I

Addis Ababa

Qajeelfama Waa'ee misoomaa fi bulchiinsa humna namaa waldaalee hojii gamtaaf ba'e

Waldaaleen hojii gamtaa caasaa gurmaa'insaa fi sirna bulchiinsa humna namaa, maallaqaa fi qabeenya kaayyoo isaanii galmaan ga'uuf isaan dandeessisu qabaachuu waan qabaniif, hojii waldaalee hojii gamtaa sirnaan karoorsuuf, gurmeessuuf, qajeelchuuf, to'achuu fi murteewwanbarbaachisoo yeroonkennuunbu'aqabeessaakkata'an gochuun waanbarbaachiseef;. akka dandeetti fi bal'ina hojii waldaalee hojii gamtaatichaatiin itti fayyadamuu kan isaan dandeessisu caasaa gurmaa'e hojii isaanii humna namaa barateen gaggeessuu akka danda'aniif .Sirna bulchiinsa qabeenya humna namaa hordofuu akka qabaatan gochuun waan barbaachiseef; Komishiniin Waldaa Hojii Gamtaa Itiyoophiyaa qajeelfama kana bu'ura labsii lakk.985/2009 keewwata 39 (5) fi 76 (3) tiin qajeelfama kana baaseera.

Kutaa tokko

Tumaalee waliigalaa

1. Mata duree gabaabaa

Qajeelfamni kun "Qajeelfama Bulchiinsa fi Misooma Humna Namaa Waldaa Hojii Gamtaa Lakk.907/2014" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiikaa

Labsii waldaalee hojii gamtaa lakk.985/2009 fi labsii dhaabbilee misooma mootumma fi dhuunfaa geggeessuu fi bulchuuf bahe lakk.1156/2011irratti hiikni kennaman akkuma eegamanitti ta'ee, akkaataan galma jechootaa hiikoo biraa kan kennisiisu yoo ta'e malee qajeelfama kana keessatti;

1) "Labsii Waldaa Hojii Gamtaa" jechuun Labsii Waldaa Hojii Gamtaa Lakk.

985/2009 sadarkaa biyyoolessaatti Waldaalee Hojii Gamtaa gurmeessuu fi to'achuuf bahe dha.

- 2) "**Labsii Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaa**" jechuun Labsii Lakk.1156/2011dhaabbilee misooma mootummaa fi dhuunfaa geggeessuu fi bulchuuf bahe jechuu dha.
- 3) "**Labsii Soorama Hojjettoota Dhuunfaa**" jechuun akkaataa Labsii Soorama Hojjettoota Dhaabbata Dhuunfaa Lakk.715/2003tiin hojjettoota dhaabbilee dhuunfaa kan ilaallatu jechuudha.
- 4) "**Karoora Soorama Hojjettoota Dhaabbilee Dhuunfaa**" jechuunsirna hojjettoota dhaabbilee dhuunfaa labsii kanaan hammatamaniif kaffaltii sooramaa fi tajaajilaa kennuudhaaf hundeffame jechuudha.
- 5) "**Hojjetaa dhaabbataa**" jechuun labsii Lakk. 1156/2011 keewwata 9 yeroo hin daangeffaneef hojjetaa qacarameef hiikaa kennname ilaallata.
- 6) "**Hojjetaa yeroo**" jechuun labsii dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa lakk.1156/2011 keewwata 10 niin yeroo murtaa'eef yokiin hojiimurtaa'eef waliigaltee hojii godhamuuf hiikoo kennname ilaallata.
- 7) "**Qacarrii YerooYaalii**" jechuun akkaataa waliigaltee hojitiin hojjetaan tokko gita hojii itti ramadamuuf karoorfame irratti gahumsa qabaachuu isaa madaaluuf qacarriiyerooyaalii geggeeffamu jechuudha.
- 8) "**Guddina sadarkaa**" jechuun waldaan hojii gamtichaa hojjetaa sadarkaa hojii qabate irraa gara sadarkaa hojii ol'aanaatti guddisuu jechuudha.
- 9) "**Gita hojii**" jechuun hojiwwanii fi itti gaafatamummaa hojjetaa waldaa hojii gamtaa tokkoof yeroo hojii isaa guutuu akka raawwatuuf karaa itti gaafatamtoota waldaa hojii gamtaan kennaman jechuudha..
- 10) "**Beekumsa**" jechuun beekumsa karaa barnootaa hojjetaan gonfate, ramaddii hojii tokko qabachuu fi hojicha haala milkaa'ina qabuun raawwachuuf isa dandeessisu jechuu dha.
- 11) "**Ogummaa**" jechuun dandeettii hojii karaa qulqullinaa fi si'oomina qabuun raawwachuuf nama gargaaru yeroo ta'u muuxannoo hojii fi leenjii fudhachutiin kan argamu hojii tokko raawwachuuf sammuu fi kutaalee qaamaa biroo qindeessuu fi walsimsiisuu dha.
12. "**Mindaa**" jechuun bu'uurawaliigaltee hojitiin hojjetaan hojii hojjetuuf kaffaltii dhaabbataa kaffalmuu dha.
13. "**Onnachiiftuu**" jechuun sababa carraaqpii hojjetaatiin oomishtummaan ykn kenninsa tajaajilaa dabaluu isaatiin bu'aa dabalataa waldaan hojii gamtichaa kaayyoo fi karoora isaarratti hundaa'ee argachuun isaa yeroo mirkanaa'u kaffaltii hojjetaaf kennamudha.

14. "**Naamusa**" jechuun amala sirrii fi fudhatama qabu hojjetaan hojii irratti, amala hojii, qajeelfamaa fi seera kabajuu, yeroo hojiin alatti amala fudhatama qabu qaabaatanii argamuu yeroo ta'u gochi faallaa kanaa naamusa cabsuu jedhamee tarkaanfii naamusaa kan fudhachiisu ta'a.
15. "**Komii**" jechuun iyyannoo barreeffamaa hojjetaan hogganaa dhiyoofi hogganaa hojii ilaallatuwaliin mariitaasisaniinhiikamuu hindandeenyee fi adeemsa qulqulleessuu idileetiin deebii argachuu kan qabu jechuudha.
16. "**Wabii**" jechuun badii ykn hir'inamaallaqaa ykn qabeenya hojjetaan waldaa hojii gamtaarra geessiseef ykn itti gaafatamummaa isaa sirnaan bahuu dahabuutiin badii fi hir'ina uumameef itti gaafatamaa ta'uudhaan maallaqa hir'ise ykn qabeeyna balleesse bakka buusuuf waliigaluun nama walamantaaf dhiyeeffatu ykn qabsiifatu dha.
17. "**Hojiirra osoo jiranii balaa namarra gahu**" jechuun hojjataan waldichaa hojii idilee isaa osoo raawwataa jiruu ykn sababa hojii isaatiin akka tasaa miidhaa qaama isaarra qaqqabuu jechuudha.
18. "**Sa'aatii hojii idilee**" jechuunhojjetaan akkaataa seeraan, waliigaltee gamtaan ykn dambii ittiin bulmaata hojiitiin yeroo hojii itti raawwatu ykn hojii irratti argamu jechuudha.
19. "**Bakka bu'aa**" jechuun nama bakkabuuusuuf aangoogabunkaraa seeraqabeessa ta'eenitti gaafatamummaa isaa nama biraaf kennuu jechuudha
20. "**Fira**" jechuun abbaa, haadha, obboleettii, obboleessa, ijoollee, abbaa manaa fi haadha manaa jechuudha.
21. "Qaama miidhamaa" jechuun loogii dinagdee, hawaasummaa ykn aadaa, sababa hanqina qaamaa, sammuu ykn miiraa irraa kan ka'e nama carraa hojii walqixa hin arganne jechuudha.
- 22) Wanti saala dhiiraatiin ibsame kamiyyuu dubartiifis ni tajaajila.

3. Kaayyoo qajeelfamicha

Waldaaleen hojii gamtaa hojii isaanii humna namaa gahumsa qabuun gaggeessu fi bulchuuf sirna cimaa diriirsuudhaan hariiroo waldaalee hojii gamtaa fi hojjettoota gidduu jiru cimsuudhaan bu'aa qabeessa taasisuudha.

4. Daangaa raawwatinsa qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun waldaalee hojii gamtaa biyyattii keessatti bu'ura Labsii Waldaa Hojii Gamtaa Lakk.985/2009tiin gurmaa'an irratti hojiirra kan oolu ta'a.

5. Qajeeltoowwan, Sonaalee fi Sonaalee Naamusa Waldaalee Hojii Gamtaa

1) Qajeeltoowwan waldaalee hojii gamtaa

- a) Miseensummaan waldaalee hojii gamtaa namoota tajaajila waldaalee fayyadamuu barbaadanii fi dirqama miseensummaa fudhachuuuf fedhii qaban hundaaf saalan, sadarkaa hawaasummaan, sanyiin,ilaalcha siyaasaan, qaama miidhamummaan ykn amantii osoo adda hin baasiin hundaaf banaadha.
- b) Waldaaleen hojii gamtaa dhaabbilee dimookiraatawaa,miseensota imaammata baasuu fi murtee dabarsuu irratti dammaqinaan hirmaataniin kan hogganamu, tokkoon tokkoon miseensa isaasagaleewalqixakanqabaniifi miseensitokko sagalee tokkoqofakan qabuta'a.
- c) Bu'aa argame irraa of eeggannoof fi tajaajila biroof kan oolu ergairraa hir'ifamee booda bu'aan hafe akkaataa baay'inaqooda miseensonni waldaa hojii gamtaa irraa bitatanii fi hirmaannaa isaaniitiin ni qoodamaaf.
- d) Waldaaleen hojii gamtaa mootummaa dabalatee qaamolee biroo waliin waliigaltee uumuu yknmadda maallaqa waldaa hojii gamtaa ala jiru irraa liqeeffachuun kaappitaala isaanii guddisuu kan danda'an haala to'annoo dimokiraatawaa miseensotaa mirkaneessuun, karaamirga ofin of bulchuu waldaa hojii gamtaa eeguun ta'uu qaba.
- e) Miseensotni waldaalee hojii gamtaa, filatamtootni, hojii gaggeessitootnii fi hojjettoonni waldaalee hojii gamtaa guddina waldaa hojii gamtaa isaaniif gumaacha sirrii ta'e akka gumaachaniif barnootaa fi leenjii ni argatu; Maalummaa fi fayidaa waldaa hojii gamtaa ummata keessattuu dargaggoota ni barsiisu.
- f) Caasaawan waldaa hojii gamtaa naannolee, biyyalessaa, ardiif fi idil-addunyaa waliin tumsuun sochii waldaalee hojii gamtaa cimsuu fi miseensota isaanii haala gaariin tajaajiluu
- g) Imaammata miseensonni waldaa hojii gamtaa raggaasisaniin hojiwwan misooma itti fufiinsa qabu hawaasa naannoo isaaniif fiduuf ni hojjetu.

2) Sonaalee waldaalee hojii gamtaa

- a) Ofin of gargaaruu;
- b) Itti gaafatamummaa dhuunfaa raawwachuu;
- c) Aadaa dimokiraasii guddisuu;

d) walqixxummaa, .

e) Haqummaa;

f) Obbolummaadha.

3) Sonaalee naamusaa waldaalee hojii gamtaa

a) Amanamummaa, .

b) iftoomina;

c) Itti gaafatamummaa;

d) Hirmaachisummaa .

e)Ittigaafatamummaahawaasummaa

f)kanneenbiroof yaaduu

6. Sonaalee naamusaa hojjettoota waldaa hojii gamtaa

1) Hojjettooni waldaa hojii gamtaa qajeeltoowwan naamusaa armaan gadii ni qabaatu:- .

a) Iftoomina;

b) amanamummaa fi yaada qajeelaa;

c) Haqummaa;

d) Itti gaafatamummaa;

e) iccitii eeguu;

f) Waliin hojjechuu fi tumsuu;

g) itti gaafatamummaa hawaasummaa bahuu, .

h) Miira tajaajiltummaaqabaachuu;

i) Namoota biroo yaaduu, .

Kutaa lama

Caasaa gurmaa'insaa humna namaa dhaabbilee waldaalee hojii gamtaa

7. Haala qophii caasaa gurmaa'insaa humna namaa waldaalee hojii gamtaa

1) Waldaan waldaa hojii gamtaa kamuu sirlacaasaa gurmaa'insa humna namaa dhaabbata waldaa hojii gamtaa hordofuun kan qophaa'e ni qabaata.

2)Caasaangurmaa'insahumna namaadhaabbileewaldaaleehojii gamtaa akkaata keewwata kanakeewwataxiqqaa(1)n qophaa'een waldaan hojiigamtichaa hojii isaa yeroo babal'isu yookiin dhiphisu qorannoo irrattihundaa'uunfooyya'uunidanda'a.

3) Caasaan humna namaa waldaalee hojii gamtaa yeroo fooyya'u dhimmoota armaan gadii yaada keessa galchuu qaba;

- a) Guddina kaappitaalaa yookiin humna waldaalee hojii gamtaa bu'ureeffachuu,
- b) Gosa, bal'inaa tajaajila waldaan hojii gamtaa kennuf yeroo fudhtu bu'ureeffachuu;
- c) Baay'ina dameewwani fi bu'uraalee misoomaa waldaa hojii gamtaa yaada keessa galchuun,
- d) teeknooloojii fi sirna haaraa fayyadamuun tajaajila saffisaa fi gahumsa qabu kennuuf maloota adda addaa sakata'u;
- e) Karaa yeroo fi baasii quasatuun tajaajila kennuu bu'ureeffachuu,
- f) bu'aa waldaan hojii gamtaa eegu yaada keessa galchuu.
- 4) Waldaan hojii gamtaa Caasaan gurmaa'insaa humna namaa yeroo qopheessu ykn fooyyessuf ogeessa waldaa hojii gamtichaan ykn dhaabbataogummaa kana irratti dandeettii ol'aanaaqabuunqorqtamee, koree hojii raawwachiiftuu ykn boordiitiin madaalambee, sirrummaan isaa qaama dhimmi ilaallatuun mirkanaa'u qaba.
- 5) Caasaan gurmaa'insaa humna namaa dhaabbilee waldaa hojii gamtaa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 tiin qoratamee mirkanaa'e hojiirra kan oolu qabxiilee armaan gaditti ibsaman guutuu qaba.
- a) Bu'aan qorannoo caasaa gurmaa'insaa humna namaadhaabbilee waldaa hojii gamtaa Yaa'ii Waliigalaatiin erga mirkanaa'ee booda;
- b) Caasaan gurmaa'insa humna namaaitti waamama gitahojii tokkoon tokkoon hojjetaa,sadarkaa gita hojii, hojiwwan raawwatuu fi mindaa ka'umsaa of keessatti hammachuu qaba.

8. ITTI WAAMAMAA FLHUMNANAMAABARBACHISUU

- 1) Waldaan hojii gamtaa kamiyyuu hojii hojjetaniif hojjettoota ogummaa qabanqacaruunhojjechiisuu qaba.
- 2) Itti waamamniHojii geggeessaa waldaa hojiigamta koree hojii raawwachiiftuuf yookiinwalittiqabaaboordiiwaldichaafta'a.
- 3) Itti waamamnihojjettota waldaalee hojii gamtaa biroo hojii gaggeessaa waldichaa ykn bakka bu'aa hojii gaggeessaaf ta'a.
- 4) Waldaaleen hojii gamtaa itti aanaa hojii gaggeessaa qaban caasaa gurmaa'insa humna namaa irratti hundaa'uun itti waamamni hoggantoota kutaa hojii, hoggantoota waajjira damee, fi hoggantoota warshaa hojii gaggeessaa ol'aanaaf ykn itti aanaa hojii gaggeessaafta'u danda'a.

- 5) Akka keewwata kana keewwata xiqqaa 3tti ittiwaamamni hojjettoota waldaalee hojii gamtaa hojii gaggeessaa ykn bakka bu'aa ykn itti aanaa hojii gaggeessaa hin qabne koree hojii raawwachiiftuuf ykn dura taa'aa boordiitiif ta'a.
- 6) Waldaan hojii gamtaa kamiyyuu fedhii humna namaa fi tarreeffama caasaa guuttachuuf qoranna gaggeessuun hojiirra oolchuu qaba.

KUTAASADII

HOJII FI ITTI GAAFATAMUMMAA,MIRGAAFI DIRQAMOOTA HOJII

GEGGEESSAA FI HOJJETTOOTA QACARAA WALDAA HOJII GAMTAAN

10. Itti waamamni hojii gaggeessaa waldaa hojii gamtaa koree hojii raawwachiiftuuf ykn boordiif yoo ta'u hojii fi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata.

- 1) Hojii fi itti gaafatamummaa kennname irratti hundaa'uun hojii gahumsaan hoogganuudhaan galmi karoorfame hojiirraakka oolu ni taasisa.
- 2) Hojii waldaa hojii gamtaa ni qindeessa, ni gurmeessa, ni to'ata, dogoggorri uumamu kamiyyuu yeroodhaan akka sirreffamu ni taasisa.
- 3) Yaadaimaammataani xiinxala,hojii ittikennameakkataaseeraan,dambiifi qajeelfamaan hojiirra nioolcha.
- 4) Karoora hojii ykn karoora daldala, baajataa fi qajeelfama hojii qopheessee koree hojiiraawwachiiftuuf ykn boordiif dhiyeessee, yeroo mirkanaa'u hojiirra ni oolcha.
- 5) Waldaan hojii gamtaa bu'ura qajeelfamaa fi gurmaa'insaa waldaa hojii gamtichaatiin hojjettoota ni qacara, ni bulcha, raawwii hojii isaanii ni madaala,hojii irraa ni gaggeessa,.
- 6) Miseensota koree hojii raawwachiistuu waliin ta'uun herrega baankii banuun akkaataa ittigaafatamummaa fi bakka bu'insa kennameefiinn kaffaltii ni raawwata.
- 7) Sanadootniherraga waldaa hojii gamtaa seeraan akka qabamanii fi yoo xiqqaate waggaatti al tokko odiitii akka ta'u ni taasisa.
- 8) Waldaan hojii gamtaa hojii isaa haala cimaa fi qindaa'een akka raawwatuuf koree hojii raawwachiiftuuni mariisisa, tooftaaleen hojii fooyya'aa ta'an akka hojiirra oolan ni taasisa.
- 9) Maallaqni,qabeenyii fi horataleen waldaahojii gamtaakaraa sirnaafi sirrii ta'een oomishtummaa guddisuufhojiirra oolu isaa ni to'ata.
- 10) Gabaasa hojii yeroo isaaeeggate koree hojii raawwachiiftuuf ykn boordiif ni dhiyeessa.
- 11) Gabaasni hojii yeroon dhiyaatu akka barbaachisummaa isaatti koree hojii raawwachiiftuun ykn boordiitiin ilaalamee erga mirkanaa'ee booda qaama dhimmi ilaallatuuf nidhiyeessa.

12) Dabalataanis hojiiwan koreehojii raawwachiiftuu ykn boordiitiin kennamu ni raawwata.

11. Mirgaa fi dirqama hojii gaggeessaa fi hojjettoota qacaraawaldaalee hojii gamtaa

1)Hojii geggeessitootni fi hojjettootni qacaramtoota waldaalee hojii gamtaa hojii Seeraan alaa kamiyyuu akka hin raawwanne kan dhorkame ta'ee; kanneen armaan gadii ni dabalata.

- a) Itti yaadanii yookiin dagannaadhaan bakka hojiitti gocha lubbuu fi qabeenya balaadhaaf saaxilu raawwachuu;
- b) Hayyama waldaa hojii gamtaa malee bakka hojii irraa qabeenya fudhachuu;
- c) Waliin dha'uu;
- d) Bakka hojiitti dhugaatii dhuguu fi machaa'aniargamuu;
- e) Bakka hojiitti lola yookiin gocha walitti bu'insa uumu raawwachuu;
- f) Bakka hojiitti dhiibbaa saalaa raawwachuu;
- g) Heeyyama waldaa hojii gamtichaan ala iccitii hojii qaama biroof dabarsee kennuu,
- h) Yeroo qacaramu koree hojii raawwachiiftuu yookiin boordii keessa firoomni dhiigaa yookiin fuudhaaaf heerumaa jiraachuu isaa beeksisuu dhabuu;
- i) Dambii hojii nageenya eegsisuu fi balaa ittisuuf bahan kabajuu dhiisuu fi of eeggannoo ittisa balaa barbaachisaa ta'e fudhachuufeeyyamamaaa ta'uu dhabuu;

2) Seerota birootiin Mirgoonti Kennaman akkuma eegametti ta'ee, mirgoonni waldaalee hojii gamtaa kanneen armaan gadii ni dabalata:

- a) Bu'uura waliigaltee hojii fi seeraatiin sochii hojii fi raawwii hojii hojjataa ni qajeelcha, ni bulcha, ni to'ata;
- b) Qajeelfama kanaa fi seerota hojiirra jiran bu'ureeffachuudhaan ,koree qaxarrii waldaa hojii gamtaa hundeessuun, hojjetaa qacaruu, bulchuu, guddina sadarkaa fi mindaa kennuu, jijiiruu, adabuu, hojii irraa ittisuuf, hojii irraa gaggeessuu fi tarkaanfii naamusaa seeraa qabeessa fudhachuu,
- c) Gitoota hojii haquu ykn fooyyessuu, hojjettoota bakka gita hojii qoratame irratti ramaduu,hanga mindaa ykn kaffaltii biroo murteessuuf mirga ni qaba.

3) Dirqama seerota birootiin kaa'amani akkuma eegamatti ta'ee, dirqamni waldaalee hojii gamtaa kanneen armaan gadii ni dabalata:

- a) Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa, dambii ittiin bulmaataa, dambii keessaa fi qajeelfamoota yeroo yeroon baasan, hojiirra oolchuu;

- b) Bu'uura labsii sooramaa hojjetaa dhaabbata dhuunfaatiin buusii sooramaa fi gibira hojii akkaataa labsii gibira hojiitiin qaama dhimmi ilaallatuuf yeroon galchuu.
- c) Ibsa tarreffama gita hojii fi itti gaafatamummaa hojii hojjetaa qopheessuunbeeksisuu.
- d) Bu'uura waliigaltee hojiitiin mindaa, durgoo, kaffaltii sa'aatii dabalataa fi faayidaa biroo hojjetaadhaaf yeroon ni kaffala;
- e) Meeshaalee dheedhii fi meeshaalee hojiif barbaachisan dhiyeessuu,nageenya iddoo hojii mirkaneessuu fi fayyaadhaaf mijataa taasisuu,hojjetaan yeroo fi qulqullina barbaachisaa ta'een hojii sana akka raawwatu gochuu;
- f) Hojjettootaaf waraqaa eenyummaa bilisaan kennuu fi haaromsuu, yeroo hojjetaan hojii gad lakkisu deebisuu,
- g) Fayyaan hojjetaa akka qoratamu seeraan yookiin qaamaaan gooqabuun yeroo dirqamni itti kennamu baasii qorannoof barbaachisu ni mijeessa.
- h) Yeroo waliigalteen hojii addaan citu ykn hojjetaan gaafatu kamiyyuu ragaa muuxannoo hojii kennuu;
- i) Faayila dhuunfaa hojjettootaa sadarkaa barnootaa fi muuxannoo hojii hojjettootaa, guyyaa qaxarrii, yeroo guddina sadarkaa argate, hanga mindaa, hayyama adda addaa itti fayyadaman, bakka bu'insa hojii, ragaa seeraa qabeessa sababoota adda addaatiin dhiyaate, qajeelfama hojii fi xalayaan dinqisiifanna ilaachisee barreffame of keessaa qabu, himanna fi murtii naamusaa kan hammate;
- J) Raawwii hojii hojjettootaa ji'a jaha jahaanitti gaafatamaa dhiyootiin madaaluu, hogganaa ol'aanaatiinosohin mirkanaa'in durahojjetaan yaada isaa akka kenu gochuu fi mirkaneessisuu,
- K) Hojjetaan waldaa hojii gamtaa sababa adda addaatiin hojii yoo gadhiisee yookiin yoo jijiirame qabeenya harka isaa jiru kamiyyuu nama harkaa fuudhu ramaduun sanadaafi qaboo yaa'itiin dabarsee akka kenu gochisiisuuf dirqama ni qabaata;
- L) Gochakallattiinis ta'eal-kallattiin mirgaafifayidaaseera qabeessan hojjetaaf kennname sarbuyookiin hir'isu kamiyyuu raawwachuu dhiisuu;
- M) Hojjetaanwaldaa hojiigamtaa hojjetaa mana hojii biraakeessattiargamuuf wabiyoota'efi hojjetaanmana hojiihojjetu sana yoogadilakkise waa'ee hojii gadilakkisuuisaamanahojii wabii ittita'ebeeksisuu;

N) Waldaan hojii gamtaa yeroo hojjetaa haaraa qacaru hojjetaa leenjisuu fi hojjettoota biroo waliin wal barsiisuuuf dirqama qaba.

4) Mirgoota hoji geggeessa waldaalee hojii gamtaa

- a) Mirgoota, fayidaa fi kaffaltii qajeelfama kana keessatti caqafaman argachuu,
- b) Faayila dhuunfaa isaa bakka Koreen hojii raawwachiiftuu yookiin walitti qabaan boordii jirutti ilaaluu;
- c) Yaa'ii waliigalaa fi walga'ii koree hojii raawwachiiftuu yookiin walga'ii boordii irratti hirmaachuun gorsa ogummaa kennuuf
- d) Waldaa hojii gamtichaa irratti komii dhiyeessuu, deebii barreeffamaa yookiin afaaniin argachuu;

5. Dirqamoota hoji geggeessaa waldaalee hojii gamtaa

- a) Seera, dambii ittiin bulmaata waldaa hojii gamtaa, dambii keessaa fi qajeelfamootaa hojii adda addaa fi maanuwaalotaaf bitamaa ta'uuqaba.
- b) Dandeettii guutuu fi humna qabu fayyadamuun fayyadamummaa miseensota waldaalee hojii gamtaa guddisuu;
- c) Hojii amanamummaadhaan raawwachuu fi bakkahojiitti qaamaa fi sammuu dammaqaa ta'ee argamuu;
- d) Dhugaatii yookiin qoricha sammuu namaa hadoochu fayyadamuun bakka hojii irraa hafuu, sa'atii seensaafi bahiinsa hojiiwaldaa hojii gamtaa kabajuu, akkasumas sa'a hojii iddilee keessatti hojii waldaa hojii gamtaa irraa kan hafe hojii dhuunfaa hojjechuu dhiisuu;
- e) Meeshaalee waldaa Hojii Gamtaa ykn meeshaalee itti gaafatatummaa isaatiin harka isaa gale seeraan itti fayyadamuu fi eeguu,
- f) Qabeenya, meeshaa yookiin meeshaalee xixiqqaan kamiyyuu heyyama hogganaa dhimmi ilaallatu malee fudhachuu yookiin nama biraatiif dabarsee kennu yookiin hojii waldaa hojii gamtaatiin fayyadamuu dhiisuu fi namoota biroo kana akka hin raawwanneto'achuu;
- g) Qisaasama, saamicha, malaammaltummaa, aangoo seeraan ala fayyadamuu irraa fagaachuu;
- h) Maallaqa hojiif mallatteesee fudhatu akkaataa qajeelfama bulchiinsa faayinaansii waldaa hojii gamtichaatiin yeroodhaan ofirraa buusuufdirqama qaba.

6. Mirga hojjettoota qacaramtootaa

- a) Hojjetaan kamiyyuu loogii tokko malee mirgaa fi fayidaalee qajeelfama kana keessatti eeraman argachuu;

- b) Hojjetaan faayiladhuunfaaisaailaaluuf yeroo gaafatu, bakka hogganaan dhimmi ilaallatu jirutti faayila dhuunfaa isaailaaluu ,
- c) Dhimmoota akka guddina sadarkaa, jijiirraa,leenjii fi baruumsa, tarkaanfii naamusaa fi kan kana fakkataan irratti hirmaanna fi raawwii hojii adeemsa kana ilaachisee komiin yoo jiraate,tarkaanfiwwan fudhataman dhiyaatee hubachuu;
- d) karoora fi qophii baajeta waldaa hojii gamtichaa, madaallii raawwii karoora, walga'ii hojjettootaa iratti hirmaachuun yaada oogummaa kennuu ;
- e) Waldaa hojii gamtichaa irratti komii dhiyeessuu, deebiibarreeffamaan yookiin afaanii argachuu;

7.Dirqama hojjettoota qacaramtootaa

- a) Seera, dambii ittiin bulmaata waldaa hojii gamtaa, dambii keessaa fi qajeelfamoota hojii adda addaaf bitamaa ta'uu ;
- b) Humnaa fi beekumsa qabu hundatti fayyadamuun fayyadamummaa miseensota waldaa hojii gamtichaa guddisuuf tattaaffii barbaachisu taasisuu;
- c) Hojii amanamummaadhaan raawwachuu fi hojii irratti qaamaa fi sammuun gahumsa qabuun argamuu;
- d) Dhuguaatii yookiin baala sammuu namaa hadoochu fayyadamuun bakka hojiittiargamuu dhiisuu;sa'atii hojii waldaa hojii gamtichaa itti seenanii fi bahan kabajuu, bakka to'anno sa'a hojiif qophaa'e irratti mallatteessuu'akkasumas sa'atii hojii idilee isaatti hojii waldaa hojii gamtichaan alatti hojii dhuunfaa biro hojjechuu dhiisuu;
- e) Hojjetaan waan isaa yookiin miiltoowwan isaa baladhaaf saaxilu yookiin fayidaa waldaa hojii gamtichaa irratti dhiibbaa kan uumu yommuu mudatu, hatattamaan hojjechiisaa beeksisuu fi bakka hojiitti lubbuu fi qabeenya irratti balaan yeroo uumamu haala barbaachisaa ta'een tumsuu;
- f) Hojjetaan tokko sa'atii hojii iddileetti naannoo hojii irraaka'eosoo hin deemiin hogganaa dhiyoo irraa heyyama gaafachuu;
- g) Hojjetaan bakka hojii isaatti hin argamne hojii isaa itti guuttachuuf itti gaafatamaa kutaa yookiin itti gaafatamaa olaanaa isaatiin ajaja barreeffamaanis ta'e afaaniin kennamu fudhatee raawwachuu;
- h) Qabeenya waldaa hojii gamtichaa itti gaafatamummaan isaatiin fuudhe of eegganoon itti fayyadamuu fi eeguu

- i) Hojjetaan dagannoon yookiin maal dhibeetiin qabeenya irra miidhaa ga'uuf idaadhaan itti gaafatamaa ta'uu ;
- j)Qabeenya, meeshaa yookiin meeshaalee xixiqqaan kameyyuu heyyama hogganaa dhimmi ilaallatu malee fudhachuu yookiin nama biraatiif dabarsee kennuu yookiin hojii waldaa hojii gamtaa waliin wal hin qabanneef oolchuu dhiisuu fi namootni biroon akka kana hin raawwanne to'achu;
- k) Qisaasama,saamicha, malaammaltummaa, aangoo seeraan ala fayyadamuu |dhiisuu;
- l) Yeroo kamuuwaldaa hojii gamtaa yeroo seen namufi yeroo bahamu akka sakatta'amu yoo gaafatamu sakattaa'amu;
- m) Hojjetaan dabareen hojjetu hanga hogganaan dhiyoo isaa heyyamutti meeshaalee hojii fi meeshaalee biroo fuudhe hojjetaa bakka bu'aatti osoo hin kennin deemuu dhiisuu;
- n) Hojjetaan gita hojii itti ramadame irraa gara gita hojii biraatti yommuu jijiiramu yookiin gadi lakkisu qabeenya fi horataalee akkasumas maallaqa, sanadoota, meeshaalee hojii,meeshaalee waajjiraa fi waraqaa eenyummaa yeroo gabaabaa keessatti waldichaaf deebisee kennuu; akka qajeelfama bulchiinsa faayinaansii waldichaatti hojjetaan kun yeroo sanatti maallaqa hojiif mallatteesse fudhate yeroon ofirraa buusuu;
- p) Hojjetaa biroonqabeenya waldichaa irratti yookiin hojjetaa biraa irratti badii yookiin miidhaa osoo geessisuu yokiin hatuu, yeroo wal lolan callisee bira darbuu dhiisuu fi hogganaa waldichaa beeksisuuf itti gaafatamummaa qaba;
- q) Hojjetaan tokko yeroo qacaramu koree hojii raawwachiiftuu yookiin boordii waldaa hojii gamtaafi hojjettoota qacaraman keessaa firri dhiigaa jiraachuu isaa beeksisuuf dirqama qaba.

KUTAA AFUR

KAROORA HUMNA NAMAA,DANDEETTII BARBAACHISOO, RAAWWII

QACARRII fi SIRNA KAFFALTII MIINDAA

12.KAROORA HUMNA NAMAA

- 1)Waldaan hojiigamtaa caasaa gurma'insaa fi karoora tarsiimoo qopheefate irratti hundaa'uun karoora humna namaa yeroo gabaabaa,giddu galeessaa fi dheeraa qoratee hojiirra oolchuu qaba.
- 2) Haala caasaa fi gurmaa'insaa irratti hundaa'uun waldaan hojii gamtaa human namaa barbaachisu karoora wagga keessatti hammachiisuun yaa'ii waliigalaa irratti raggaasisuu qaba.

13. HAALA RAAWWII QACARRII HOJJETTOOTAA

- 1)Waa'ee gitoota hojii banaa hojjettootaan qabsiisuu

a) Akkaataa karoora humna namaa yaa'ii walii gala waldaa hojii gamtichaatiin raggaasifameen yeroo barbaachisaa ta'ee fi yeroo koree hojii raawwachiiftuu /boordiin itti amanuu gitoota hojii banaa ta'an jijiirraa keessoo yookiin guddina sadarkaa yookiin qacarriidhaan guutuu ni danda'a.

b) keewwata kana keewwata xiqlaal(a) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee waldaan hojii gamtichaa hojjetaa dandeettii qabu argachuu isaa erga amanee duraa duuba isaa osoo hin eegin qacarrii raawwachuu qaba.

c) Waldaan hojii gamtichaa hojjettoota haaraa gita hojii banaa jiru irratti kan qacaru hojjetaa jiru keessaa jijiirraa keesssaatiin ykn sadarkaa guddinaatiin kan bakka bu'u akka hin jirre erga mirkaneessee booda ta'a.

d) Gitoota hojii duwwaa ta'an karaa qacarrii guutuuf koreen hojii raawwachiiftuu/boordii barbaachisummaa dhimmichaa qoratee mirkaneessee koree qacarriitti ni dabarsa.

2) Gurmaa'insa koree qacarrii fi ga'ee hojii

Gurmaa'insi koree qacarrii akkaataa armaan gadii ta'a;

a) waldaalee hojii gamtaa bu'uuraa irratti miseensota koreen qacarrii nama sadii fi yuuniyeenii waldaalee hojii gamtaa yookiin Federeshinii waldaalee hojii gamtaa irratti miseensotni koreen qacarrii nama shan qabu ni hundaa'a; itti waamamni koree kanaas hojii gaggeessaa waldichaaf ykn nama innibakka buuseef ta'a. koree keessaa tokko hojjetoota dubartii keessaa ta'uu qaba;namni tokko hojii gaggeessaatiin bakka bu'ee dura ta'aa koree ta'a. Barri hojii koree kanaas waggaa sadii qofa ni ta'a.

b) Waldaan hojii gamtichaa hojii gaggeessaa yookiin bakka bu'aa fi hojjetaa koree qacarrii ta'ee hojjechuu danda'u kan hin qabne yoo ta'e, adeemsi qacarrii akkaataa koreen hojii raawwachiiftuu Wadichaa yookiin boordiin waldaa hojii gamtichaa murteessuun ni raawwatama.

c) Qacarriin Hojii geggeessa waldaa hojii gamtaa koree hojii raawwachiiftuu WHG yookiin boordiitiin kan raawwatamu ta'a.

d) Hogganaan yookiin bakka bu'aan kutaa hojii hojjetaan itti qacaramuu sagalee malee adeemsa qacarrii irratti ni hirmaata.

3. Gahee Hojii fi ittigaafatamummaa koree qacarrii

Koreen qacarrii hojii fi itti gaafatamummaarmaangadii niqabaatu

a)Beeksifni qacarriiakkaataakeewwata kana keewwata xiqqa 5(a)jalatti ibsameenba'uu isanimirkaneessuu.

b) Odeeffannoona dorgomtootaa seera qabeessa, sirrii fi akkaataa beeksisaatti ta'uu isaaa ni mirkaneessuu.

c) Dorgomtoota waldorgomsiiusu fi ga'umsa ykn qabxii caalmaa kan qabu/qabdu filachuu.

d)Hangabu'aanisaafata'uttiicciitii

odeeffannooeeguu.

e) Dorgomaa filatamee qabooyaa'ii qabachuun murtii qaama raggaasisuuf dhiyeessuu.

f) Qaamaqormaataqopheessuu akka barbaachisummaaisattinifila.

g)Dorgomtoonni qormaataaf filataman qormaata irratti akka argamaniif yeroo gahaaa kka argatan ni mirkaneessa. Itti gaafatamummaa qaba

4) Haal-Dureewan waldaalee hojii gamtaatiin qacaramuu nama Daangessan

a)Qajeelfama kana keewwata 48 keewwata xiqqa (1)jalatti kan ibsamens yoota'e malee,umuriin waggaa 18 gadii fi wagga 60 ol kan ta'an,

b)Sababa hir'ina naamusaaⁿ hojiiirraa kan ari'ame/ari'amte.

c) amantaa hir'isuu,hanna fi yakka waliin dha'uun manamurtii aangoo qabuun kanitti murtaa'e.

d)Kanneen akka ashiishii fi qoricha sammuu namaa hadoochu biroo fayyadamuutti safuu kan hin qabne ta'uu isaa kan mirkaneesse,hawaasa keessatti maqaa gaarii kan hin qabne ta'uu isaa;

e)Hojii hojjechuu kan hin dandeenye ta'uu isaa/ishee ragaa yaalaatiin kan mirkanaa'e;

f)Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqa 7(h) tiin kakuu raawwachuuuf nama hayyamamaa hin taane;

g)Hojjetaan waldaa hojii gamtichaan qacaramee yookiin miseensa koree hojii raawwachiiftuu yookiin boordii keessaa fira yoo qaabaate.

5.Akkaataa Beeksijfni Itti Bahuu fi Galmeen Dorgomtootaa Ittin Raawwatu

a) Waldaan hojii gamtaagitoota iddo duwwaa irratti human namaa guuttachuu barbaadu beeksisa baasuun iyyattootni akka iyyatanafeeruuqaba.

b)Beeksisnihojii gabateebeeksisa waldaahojii gamtaakandhoobamu bakkewwanbeeksisa ifaa,gaazexoota uwvisa bal'aaqabaniifimiidiyaalee hawaasaairratti maxxaansuunafeeruu qaba.

c) Beeksifni gita hojii duwwaa yoo xiqqaate maqaa fi teessoo waldaa hojii gamtaa, Mata duree sadarkaa miindaa fi haala hojii gita hojii duwwaa, baay'ina hojjettota gita hojiif barbaachisu fi lakkofsa eenyummaa gitaa hojii, gitoota hojiif barbaachisu,gitaa fsadarkaa

barnootaa,muuxannoo hojii barbaachisaa ta'e, beekumsa, dandeettii fi ga'umsa biro barbaachisan afaan hojii, ragaa fi iyyata galmeedhaaf dhiyaachuuqabu, maalummaa hojii jechuun immoo dirree akka barbaachisummaa isaatti yeroo muraasaaf guyyaa ayyanaa, guyyyaa boqonnaa, dabareen akka hojjetu yoo ta'an hangi gita wabiif barbaachisu guyyaafiyeroo galmeenitti jalqabuufi xumuramuiyyattoonnni qaamaanbakka bu'aa, poostaa, e-mail, toora internetiin haala itti galmaa'uun dandeessisu filachuudhaan ibsamuu qaba.

d)Beeksifni sadarkaa hojii irratti hundaa'uun guyyota hojii shanii hanga kudha kudhanbana kan ta'u ta'a.

e)Dorgomtoonni ragaa galmaa'uun gita hojii sanaa gadi ta'ee yookiin sirrii hin taanee fi shakkii qabu hin dhiyeessinetti galmee keessa loogiin, sanyiin,saala, amantii,ilaalcha siyaasaan, yookiin yaada birootiin taasifamuu hin qabu.

f)Dorgomtootni ulaagaalee beeksisa qacarrii keessatti ibsaman guutan yeroon galmaa'uun,yeroon galmee erga xumuramee booda, dorgomtoota galmeessuun hin danda'amu.yoo xiqaate iyyattoonni gita hojii tokkoof nama lamaa fi isaa ol yoo hin dhiyaanne beeksifni kun irra deebiin akka ba'u ta'a.

6. Ulaaga Dorgomtoota kaadhimamtootaa

a) Iyyattootni hedduun yommuu dhiyaatan koreen qacarrii dorgomtoota ga'uumsaa fi dandeettii gaarii qaban filachuun adeemsa filannoo duraa geggeessuun dorgommiif dhiyeessuun ni danda'ama.

b)Keewwata kana keewwata xiqaat6(a) jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, dorgomaan ulaagaa guute kophaa isaa yoo dhiyaate,koreen qacarrii kophaa isaa heyyama hojii gaggeessaa dhimmii laallatuu dorgomsiisuu ni danda'a. Haata'u malee dorgmaan darbuuf qabxii barbaachisu ni galmeessa jedhamee eegama.

7.Qormaata qacarriif kennamu fi Haala kenniinsa murtii

a.Koreen qacarrii qormaata barreffamaa afaanii fi qabatamaa qacaramtootaa fi filannoo dorgomtootaaf kennamu qopheessuu ni danda'a

b)Ulaagaalee adda baasuu dorgomtootaa keewwata kana keewwata xiqaat 7(a) jalatti ibsaman akkuma eegametti ta'ee, qabxiin waliigala100 yoo ta'u, qabxiin tokkoo tokkoo isaaniif kennamu qormaata barreffamaa 70%, qormaata qabatamaaf 20% fi qormaata afaanii%10

ta'uu qaba.Dorgomtootni qormaata afaanii fi qabatamaa fudhachuuf qormaata barreeffamaa dhibbentaa 50% ol galmeessuu qabu.

c) Dorgomaan tokko gita hojii kanaaf gahumsa kan qabuu fi kan darbu yoo xiqqaate qabxii waliigalaa keessaa 50% kan argatu/argattu dha.

d) Qormaata qabatamaa konkolaachisaa, ogeessa maashinii, ogeessa suphaa konkolaataa, tiraaktera kombaayneera haamu opereetota waldorgomsiisuuf rakkisaa ta'an irratti akkaataa ulaagaalee keewwata kana keewwata xiqqaa^{7(b)} jalatti kaa'amaniin dorgomtoota wal bir aqabuuf qormaatni qabatamaa dhibbentaa

80 fi qormaatni afaanii dhibbentaa 20 ta'uuqaba.

e) Gitoota hojii fi sadarkaa olaanoo, jechuunis hogganaa waliigalaa, itti aanaa hogganaa, hoggantoota kutaa, hoggantoota damee, ogeessa ol'aanoo, gitoota hojii oogummaa addaa barbaadaniif qormaata kennuuf koreen qacarrii dhaabbilee oogummaa kana keessatti beekamtii qaban qormaata akkabaasan afeeruu ni danda'u.

f) Gitoota hojii duwwaa irratti hojjetaan qacaramu dandeeettii isa xiqqaa barbaachisu guutuu fi dorgomtoota biroo waliin dorgomee caalmaa kan qabu qofa dha.

g) Waldaan hojiigamtaa kaadhimamaa dhiiraa fi dubaraa gita hojii banaa irratti yommuu wal biraqabu dubartootaaf qabxii 3 dabalataan kan kennu yommuu ta'u, qabxii wal qixa yoo qabaatan dursi dubartootaaf ni kennama.

h) Waldaan hojii gamtaa gita hojii duwwaa irratti dorgomtoota wal bir aqabuun qaama midhamtoota ulaagaa guutaniif dursa ni kenna.

i) Yeroo dorgommii kanatti dubartiin fayyaa qabduu fi dhiirri qaama miidhamaa qabxii darbiinsaa wal qixa yoo argatan dhiira qaama miidhamtootaaf dursi ni kennama. Dubartii fayyaa qabduu fi dubartiin qaama miidhamtuu qabxii darbiinsaa walqixa yoo galmeessan dubartii qaama miidhamtuu sanaaf dursi ni kennama.

j) koreen qacarrii dorgomtoota karaa qormaataa adda baase kan injifate ni mirkaneessa, bu'aa qormaataas qaboo qabachuun barreeffamaan qaama murtee kennuuf ni dhiyeessa. Qaanii murtii kennu yaada dhiyaate guyyoota shan keessatti qoratee raggaasisuu, yookiin rakkoon yoo uumame yaada dhiyaate irra deebi'amee akka ilaalamu gochuu qaba.

k) Qaama murtii kennuun barbaachisaa ta'ee yoo mul'atu qacaramuun dura sakatta'iinsi hojjetaa irratti geggeeffamuu ni danda'a. yoo rakkoo qabaachuun isaa mirkaneesse koreetti deebisee fidee akka ilaalamu gochuu nidanda'a.

- l) Adeemsi qacarrii sirriitti raawwatamuu isaa qaamni murtii kenu erga mirkaneessee booda dorgomaan filatamee fi eeggattoota sadii itti dabaluun gabatee beeksisa waldaa hojii gamtaa irratti akka maxxanfamuu fi dorgomaan filatame bilbilaan guyyaa⁵ keessatti dhiyaatee unkaa qacarrii akka raawwatu ibsuu qaba.
- m) Dorgomaan filatame sababa amansiisaa hin taaneen yeroon yoo hin dhiyaanne guyyoota dabalataa 5(shan) hayyamaaf; yeroo kana keessatti yoo hin dhiyaanne eggataa isa jalqabaa bilbilee waamamee akka qacaramu gochuu ni danda'a. tokkoffaa hanga sadaffaatti dorgomtootni waamamanii yoo hin dhiyaanne ammas beeksifni qacarrii akka bahu ni taasifama.
- n) Kaadhimamaa filatame hojii jalqabuu isaa ji'a ja'a⁽⁶⁾ dura sababoota addaa addaatiin hojii kan gadi lakkise yoo ta'e, namoota gita hojii sanaaf eeggataa turan qacaruun nidanda'ama; ji'a jaha booda eeggataa waamuun hin danda'amu.
- o) Kaadhimamaan filatame waliigaltee ramaddii osoo hin qabaatin dura yakka irraa bilisa ta'uu isaa poolisii irraa fi sakatta'iinsa fayyaa dhaabbata fayyaa barbaachisaa ta'e irraa ragaa bu'aa qorannoo akka dhiyeessuu ni taasifama.
- p) Kaadhimamaan filatame bakka hojii muuxannoo gaafatu irratti kan qacaramu yoo ta'e, xalayaa hojii gadi dhiisuu fi qulqullinaa kutaa mana hojii ture irraa yookiin dhaabbata bakka turee irraa fiduu qaba.
- q) Dorgomaan filatame hojii jalqabuu isaa dura walii galtee barreffamaan raawwachuu qaba.
- r) Ragaa armaan olitti ibsame erga xumuree booda maqaa guutuu hojjetaa; kutaa hojii hojjetaan itti hojjetu; lakkofsa eenyummeessaa gitoota hojii; maqaa hojii fi sadarkaa hojii; hanga miindaa kaffalamuu qabu; hojjetaan xalayaa qacarrii yaaliin hogganaa waldaa hojii gamtaa yookiin qaama bakka bu'ummaan mallattaa'ee guyyaa, ji'a fi bara hojjetaan hojii jalqabuu ibsu argachuu qaba; kutaalee hojii waldaa hojiigamtichaa dirqama beeksisu qaba.

8. FAAYILA DHUUNFAA HOJJETAA QINDEESSUUF RAGAA GUUTAMUU QABU

a) Waldaan hojii gamtaa hojjetaa odeeffannoo armaan gadii guuteef galmee dhuunfaa banuu qaba. Isaaniis suuraa yeroo gabaabaa ji'a ja'a hin caalle, Iyyata hojii unka seenaa jireenyaa,yakka irraa bilisa ta'uu mirkaneessuuf ragaa bu'aa ashaaraa qubaa poolisii irraa, ragaa bu'aa sakatta'iinsa fayyaa dhabbata fayyaa irraa, ragaa barnootaa fi muuxannoo hojii, qaboo yaa'ii koreeq axarrii fi ragaa bu'aa qormaataa, qabeenya dhuunfaa mirkanaa'ee fi sanada galmee qabeenya, sanada walii galtee hojii fi walii galtee kontiraataa, ragaa wabii fi walii galtee yeroo yaalii, xalaya yaalii qacarrii, dirqamaa fi Itti gaafatamummaa gita hojii fi xalayaaleen walqabatan biroo hammamatuu qabu

b)Hojjetaan tokko waldaa hojii gamtaatiin yeroo qacaramuu akkaataa Iskeelii Miindaatiin Miindaan ka'umsaa gita hojii sanaaf ibsamen kaffalamaaf.

9. WAA'EE ODEEFFANNOO EGGATAA QABACHUU

Ragaan dorgomaa filatamee galmee dhuunfaa waliin kan qabamu yoo ta'u, teessoo dhuunfaa fi odeeffannoon eeggattootaa hanga ji'a jahaatti waldaa hojii gamtichaa kessatti sirnaan qindaa'uun qabama.

10. QACARRII HOJI GEGGEESSAA OL'AANAA

a) Ulaagaaleen kewwata kana kewwata xiqqaa 7(a) jalatti ibsaman akkuma eegametti ta'ee, qormaatni qacarrii hoji geggeessaa ol'aanaaf kennuu fi murtii kennuu koree hojii raawwachiiftuu ykn boordii waldaa hojii gamtichaatiin kan rawwatamu ta'a.

b) Waldaan hojii gamtaa qacarrii hoji geggeessaa o l'aanaa raawwachuuf beeksisa baasuun dura fedhii qacarachuuf qaban qaama aangoon kennameef beeksisu ni danda'a.

c)Qaamnni itti gaafatamummaa qabu adeemsa qacarrii irratti deggersaafi hordoffii ni taasiisa

11. Haala Raawwii Galmee Qabeenya Dhuunfaa Hojjetaa Qacaramaa

a)Hojii geggeessaa fi hojjetaan waldaalee

hojii gamtaatiin qacaramu kamiyyuu unka galmee qabeenya waldaa hojii gamtichaan qophaa'e irratti qabeenya dhuunfaa maqaa isaa,maqaa haadha warraa isaa yookiin ijoolle isaa umuriin isaanii waggaal8 gadi ta'een jiru irratti galmeesee fi mallatteessisee qabachuu qaba.

b)Unka galmee qabeenya dhuunfaa fi qabeenya galmaa'u qabu, yoo xiqlaate maqaa galmeessaa, teessoo, haala gaa'elaa, baay'ina maatii, gosa qabeenya, bakka, sanada mirkaneessaa, gatii qabeenyicha yeroo ammaa,maallaqa baankii keessa jiru,hanga maallaqa harkaa fi sanada, baay'ina aksiyona invastimentii fi hanga maallaqa callaa fi madda galii

dabalataa yoo jiraate qabaachuu qaba.

12.QABIYYEE WALIIGALTEE Oaxxarrii

- a) Waldaan hojii gamtaa walii galtee isaa fi hojjetaan mallattaa'e kooppii tokko hojjetaadhaaf ni kenna.
- b) WHG waa'ee hojjetaa qacaramaa yoo xiqlaate maqaa fi teessoo waldaa hojii gamtaa hojjechiisaa,maqaa qacaramaa,umurii,teessoo, hanga miindaa ji'aan kaffalamu,bara hojii,mirgaa fi dirqama waldaahojii gamtaa fi hojjetaa qacaramaa,mallattoo walii galtootaa fi unka waliigaltee qacarrii biiroo keessatti hammatamanii fi dhimmoota gama maalummaa hojichaatiin hammatamuu qaban ibsamuu qabu

13.SIRNAFI WABII OACARRII

1.waa'ee gosaa fi hangawabii

- a) Hojjetaan waldaahojii gamtaa gita hojii maallaqaa,qabeenyaa maalaqaan wal qabatu irratti qacaramu kamiyyuu miidhaa yookiin itti gaafatamummaa qaqqabsiisuuf wabii waamuu qaba.
- B) Wabiwwaan hojjetaan ofii isaatii wabii imaanaa dhaan kennu sanada abbaa qabeenyummaa seera qabeessa, sanada abbaa qabeenyummaa konkolaataa, miindaa ji'aa hojjetaa dhaabbataa fi sanadoota abbummaa qabeenya biro ta'a.
- c) Wabiwwan qabeenyaa dhaabbaataa keewwata kana keewwata xiqlaal(b) jalatti ibsaman maallaqaan jijiiramuu fi waliigaltee keessatti ibsamuu qabu.
- d) Namoonni miindaa isaaniin wabii ta'an xalayaa dhaabbata irraa hojjetanirraa hojjetaa dhaabbataa ta'uu isaanii fi hanga miindaa ji'aa isaanii ibsuun dhiyeessuu qabu.
- e) Wabii kan kennu gaa'ela kan qabu yoo ta'e,wabii ta'ee wabii kennuuf hayyama haadha warraa /bbaa warraa isaa/ishee qabaachuu qaba
- g) Qabeenyi waldaan hojii gamtaa akka wabii ta'eeq abate qaama dhimmi ilaallatuuf dhiyeessuu wabummaan qabamuu isaa kan ibsuun fi xalayaa seeraa qabaachuu qaba.

2.Itti gaafatamummaa fi dirqama hojjechiisaa waldaa hojii gamtaa

- a) waldaan hojii gamtaa hojii geggeessaa fi hojjetaan waldaa hojii gamtaa yeroo qacaraman miidhaa geessisaniif yookiin itti gaafatamummaa isaaniif kennamee fi tti gaafatamaa kan ta'u wabii yookiin qabsiisa akka dhiyeessan gochuutu irra jiraata.

b) Hanga wabii hojjetaan yookiin wabummaa kennu, ulfaatina ittigaafatatumummaa hojjetaadhaaf kenname fi dhiibbaa qabeenya fi qabeenya inni hojjeturraati qabu tilmaama keessa galchuun waldaan hojii gamtichaa ni murteessa.

c) Qabeenyi hojjetaan qabsiisa wabummaaf dhiyeesse na galcha kan jedhu kan hin dhiyaannee fi dhorki kan hin jirre ta'uu ragaa mirkaneessu akka dhiyeessu gochuu fi haalli wabichi akka addaan citu/hafu taasisan akka hin jirre yeroo yeroon hordofamuu qaba.

d) Hojjetaan wabii jijiirraa barbaadu sadarkaa wal fakkaatutti ramadame, akkasumas hojjetaan sababoota adda addaatiin wabiin isaa addaan cite yoo ta'e, wabii bakka bu'aa kennu yoo dadhabee fi sababa inni dhiyeessuu dadhabee ga'aa ta'uu isaa waldaan hojii gamtichaa yoo hubate dandeettii hojjetaa ilaalcha keessa galchuun waldaan hojii gamtaa bakka wabii kennu hin barbaachifnetti ramaduu ni danda'a.

3. Itti gaafatatumummaa fi dirqama hojjetaa qacaramaa

a) Hojjetaan gita hojii jiru irratti ramadame kamiyyuu wabii sanada seera qabeessan kan hin dhorkamne fi nagalcha kan jedhu kan hin dhiyaannee qabuu fi sanada wabii seera qabeessaa dhiyeessuu qaba.

b) Namni qabeenya yookiin miindaan wabii ta'e wabummaaf wabii dhiyeesse kaasuuf yokiin haquuf gaaffii yeroo dhiyeessu hojjetichi bakka bu'aa wabii dhiyeessuuf dirqama qaba. Hojjetaa irratti idaan maallaqaa jiraachuu fi dhiisuun isaa erga mirkaneessee booda, hojjetaan hanqina yoo qabaatee fi hojjetaan hanqina kan hin uwvisne yoo ta'e, herregni guyyaa 30 keessatti odiiteraan qoratamee akka dhiyaatu gochuun hanqina kana wabiin akka uwvisu godhamee gaaffichi raawwatamaa ni ta'a.

c) Hojjetaan qabeenya fuudhe kamiyyuu hanga fayyadamtootaaf dabarsee kennutti miidhaa geessisuu fi hir'innaa fi badii hundaaf itti gaafatamaa ni ta'a.

4. Itti gaafatatumummaa fi dirqama wabii hojjetaa

A) Namni wabii Hojjetaa waldaa hojii gamtaaf ta'e badii qabeenya fi horataalee waldaa hojiigamtichaa irra gahu kamiifuu itti gaafatatumummaa ta'uun hanga badii qaqqabeef qabeenya qabsiise gurguree kaffaluuf dirqama qaba.

b) Wabiin waan wabummaaf qabsiisa dhiyeessu hiriyyaa gaa'elaa yoo qabaate wabiif waan qabsiifamuuf heyyama haadha warraa argachuuqaba.

c) Namni miindaan wabii ta'e qabeenya fi horata waldaa hojii gamtaa irratti badii geessisuu kamiifuu itti gaafatamaa guutuu ta'uu fi hanga badichaatiin miindaa ji'aa isaa irraa kutee

kaffaluuf dirqama qaba.

d) Wabiin wabummaaf kan dhiyeessu qabsiisa wabummaa kamyuu na galcha kan jedhu kan hindhiyaannee fi dhorkaa kan hin qabne ta'uu mirkaneessuun ragaa seeraa dhiyeessuuf dirqama qaba.

e)Qabsiisni wabii akka barbaachisummaa isaatti waajjira galmeessaa fi sanada mirkaneessutti galmaa'u akka qabuu fi hanga dirqamni wabii addaan citutti waajjira dhimmi ilaallatuun qabamee/ugguramee akka turu waligaluu qaba.

14. QACARRII YEROO YAALII

1) Hojjetaan tokko akkaataa walii galtee hojitiin gita hojii itti kennname mijachu fi ga'uumsa isaa madaaluuf yeroon yaalii guyyoota 60 hin caalle ni qabaata.

2) Yeroon yaalichaa xalaya qacarrii keessatti ibsame hojjetaan haala qabatamaa waldaa hojii gamtaa waliin wal barsiisuuf yeroo leenjii maanuaalii, qajeelfama, dambii, labsii fi imammata odeeffanno kennuu of keessatti qabata.

3)Hojjetaan yeroo yaalii irra jiru tokko qajeelfamaa fi dambiiwan hojii birootiin yoo daangeffame malee,mirgaa fi dirqama hojjetaa bira yeroo yaalii xumuree ni qabata.

4)Bu'aan madaallii raawwii hoji ihojjetaa yaalii yeroon xumuramee mirkanaa'u qaba.

5)Hojjetaan yeroo yaalii irra jiru tokko akekkachiisa malee hojicha gadi lakkisuu danda'a.

6) Hojjetaan yeroo yaalii bu'aa quubsaa yookiin isaa ol ta'een xumuree yeroon yaalichaa erga xumuramee booda battalumatti xalayaan qacarrii dhaabbataan ni kennamaaf.

7) Raawwiin hojii yeroo yaalii keessatti raawwatame quubsaa gadi ta'uu yookiin hojichaaf gahumsa akka hin qabaanne yeroo mirkanaa'u, yeroon yaalichaa osoo hin xumuramin xalayaan hojii irraa ari'amuu hojjetaa sanaaf ni kennama.

8) Hojjetaan yeroo yaalii irra jiru hojichaaf gahumsa kan hin qabne yoo ta'e, waldaan hojii gamtaaticha akekkachisa tokko malee kaffaltii hojii barbaaddanna hojiirraa geggeeffamuu fi kaffaltii beenyaa kaffaluuf osoo hin dirqamin hojii irraa geggeessuu ni danda'a.

9) Yeroon yaalii erga xumuramee booda hojjetaan hojicha yoo itti fufe yeroo yaaliif qacaramee kaasee yookiin hojii yeroo walii galtee keessatti karoorfameef yokiin akka hojitti qacarameetti lakkaa'ama.

15. WAA'EE HOJJETAA DHAABBATAA TA'UU

Hojjetaan yeroo yaaliitti madaallii raawwii hojii quubsaa yookiin ol'aanaa galmeesse xalayaan dhaabbataa ta'uu isaa mirkaneessu ni kennamaaf.

16. WAA'EE HOJJETAA YEROO QACARUU

1)Hojii geggeessaa ol'aanaan yookiin bakka bu'aan waldaa hojii gamtaa yeroo murtaa'eef yokiin hojii murtaa'eef yeroodhaaf hojjetaa yeroo barbaadu,sababa, baay'ina hojjettootaa,yeroo hojii, tarreeffama hojii dandeettii barbaadamu hammachiisuun akka qacaraniif koreen hojii raawwachiiftuu yookiin boordiif gaaffi isaa dhiyeessuun ni hayyamsiisa.

2)Qacarriin yeroof mirkanaa'e adeemsa qacarrii waldaa hojiigamtaa hordofee ni raawwatama.

3) Hojjetaan waldaa hojii gamtaa yeroodhaaf qacarame tokko fayidaa walii galtee keessatti tumame gaafachuu ni danda'a.

4)Waliigalteen hojii hojjetaa yeroo waldaa hojii gamtaa yeroo guyyoota hojii 60 hincaalle fi yeroo tokkof qofa ta'uu qaba.

17. HAALA MIINDAA

1. Iskeelii miindaa murteessuu

a) Qorannoowwan bal'aa ogeeyyi oogummaa kana keessatti ciccimoo ta'an fayyadamuun sadarkaa miindaa waldaa hojii gamtaa kamiyyuu murteessuun bu'aan qorannichaa koree hojii raawwachiiftuu yookiin boordiitti dhiyeessuun yaa'ii waliigalaatiin mirkanaa'uu qaba.

b)Keewwata kana keewwata xiqqaal(a) jalatti hangi miindaa kaa'ame, sadarkaa gita hojii,turtii hojichaa,qophii barnootaa gita hojiin barbaadu, muuxannoo hojii, dandeettii fi oogummaa, itti gaafatamummaa gita hojichi qabu, ulfaatina hojii, walxaxiinsaa fi balaadhaaf saaxilamuun, dandeettii kaffaltii waldaa hojii gamtaa, fedhii gabaa hojjetaa gita hojii sanaaf barbaachisu,hanga miindaa gitahojii wal fakkaataa naannoo sanaaf kaffalamu,iddoo fi qaala'iinsa jirenyaa fi haal-duree biroo fudhatama qabu ilaalcha keessa galchuu dhaan.

c) Waldaan hojii gamtaa waggoota lama walitti aansuun bu'aa qulqulluu argachuu isaa odiitiidhaan kan mirkanaa'e yoo ta'e, daballiin miindaa kaappitaala waldaa hojii gamtichaa irratti dhiibbaa karaa hin geessisneen; ykn hin qaqqabsiisneen fi gaaffii hojjetoota hundaa kan deebisu yoo ta'e, barbaachisummaan isaa qorannichaan yoo mirkanaa'ee fi koreen hojii raawwachiiftuu yookiin boordiin yoo amane ulaagaa qorannicha irratti hundaa'e fayyadamuun yaa'ii waliigalaa irratti raggaasisuun miindaa hojii geggeessa fi hojjettootaa dabaluu ni danda'a.

d) Dambii keessoo waldaa hojii gamtaa keessatti haala bal'inaan ibsametti bu'aa qorannichaa

irratti hundaa'uun hanga kaffaltii gita hojii tokkoon tokkoo isaaniif ta'u hojiirra kan oolu ta'a.

2. Akkaataa kaffaltii miindaa

- a) Kaffaltiin miindaa kan raawwatamu qajeelfama kana bu'uura godhachuun kaffaltii raawwachuuf koree hojii raawwachiiftuu yookiin boordii yookiin hojii geggeessaa waldaa hojii gamtaatiin akka raawwatamu erga mirkanan ee booda ta'a.
- b) Miindaan kan kaffalamu hojii hojjetame qofaaf ta'a. Hojjetaan kamiyyuu sababa madaalawaa fi ragaa ga'aa malee yeroo hojii irraa hafeef kaffaltiin hin kaffalamu.
- c) Waldaan hojii gamtaa kun ji'a dhumaa guyyaa 26 hanga 30tti miindaa hojjetootaaf ni kaffala.
- d) Kaffaltiin miindaa akkaataa qajeelfama faayinaansii waldaa hojii gamtichaatiin raawwatama
- e) Seeraan yookiin waliigaltee birootiin kan murtaa'e yoo ta'e malee, miindaan kallattiin hojjetaa yookiin bakka bu'aa hojjetaa qofaaf kan kaffalamu ta'a.
- f) Waldaan hojii gamtaa miindaa hojjetaaf yeroo kaffalu, gibira hojii, soorama, liqa hin kaffalamin seeraan hir'ifame kamiyyuu, murtiin maamusaa addaa yoo jiraate, kaffaltiin qulqulluun kan raawwatamu erga hojjetaa beeksisee booda ta'a.

3. Waa'ee fayyadama daballii miindaa ta'uu

Hojii geggeessitootni fi hojjettootni daballii miindaa waldaa hojii gamtaa kanaan fayyadamoo ta'an ulaagaalee armaan gadii guutuu qabu;

- a) Hojjetaa dhaabbataa waldaa hojii gamtaa kan ta'ee fi gita hojii ramadame irratti waggaan tokkoo ol kan tajaajile;
- b) Miindaa hojjetaan argachaa jiru ulaagaa miindaa murtaa'e kan hin dabarre yoo ta'e;
- c) Bu'aan raawwii hojii yeroo lamaan darbanii giddu galeessan dhibbentaa 75 fi isaa ol ta'uu qaba;
- d) Hangi daballii miindaa waldaan hojii gamtaa raawwatu dandeettii kaffalti iisaa irratti kan hundaa'ee fi dantaa hojjetaa kan eegu ta'ee hangi daballii yaa'ii walii gaalaatiin murtaa'ee hojiirra ni oola;

4. Haala hojii geggaassaa fi hojjetaan waldaa hojii gamtaa daballii miindaa irraa fayyadaamoo akka hin taane taasisan;

- a) Hojjetaa kontoraataa fi yeroof waldaa hojii gamtichaan qacarame yoo ta'e;
- b) Gitoota hojii dhaabbataadhaan qacarame yookiin waldaa hojii gamtichaan guddina sadarkaa kennameef irratti waggaan tokkoo gadi kan tajaajile yoo ta'e;

- c) Akekkachiisni dhumaa kan kenname bara dabalichi itti kenname keessatti yoo ta'e;
- d) Tarkaanfiin naamusaa cimaan kan itti kennamee fi yeroo isaa kan hin xumurre yoo ta'e;
- e) Hanqinni maallaqaa fi qabeenyi waldaa hojii gamtaa odiitiidhaan mirkanaa'ee yoo irra jiraate;
- f) Giddugaleessi bu'aa madaallii raawwii hojii yeroo lamaan walitti aanan darban 75% gad yoo ta'e;
- a) Waldaan hojii gamtaa seeraan waligalteewwan adda addaa yookiin ajaja mana murtii tiin kan hin barbaachifne yoo ta'e yookiin hojjetaan barreffamaan yoo walii hin galle, yookiin hojjetaan sun qabeenya waldaa hojii gamtaa irraa fudhatee yookiin miindaa hojjetaa irraa hir'isuun yookiin liqa yookiin waldandeessisuun hin danda'amu.
- b) Yoo hojjetaan walii galtee keessatti ibse malee maallaqni yeroo tokkotti miindaa hojjetaa irraa hir'ifamuu danda'u haala kamiinuu miindaa ji'aa harka sadii keessaa tokko caaluu hin qabu.

18. QABIINSA ODEEFFANNOO HOJII GEGGEESSAA FI HOJJETAA QACARAMAA WALDAA HOJII GAMTAA

- 1) Waldaan hojii gamtaa faayila dhuunfaa tokkoon tokkoo hojjetaatiif odeeffannoo barbaachisaa ta'e of keessaa qabu qabaachuu qaba.
- 2) Odeeffannoohoji geggeessaa waldaa hojii gamtaa gurmaa'ee addaan ba'ee waajjira koree hojii raawwachiiftuu waldaahojii gamtiichaa yookiin boordii keessatti qindaa'ee taa'uu qaba.
- 3) Faayilli dhuunfaa hojjetaaodeeffannoofi ragaa hojjetaan yeroo hojii keewwata kana keewwata xiqlaa jalatti ibsame keessatti dhiyeessuu qabu guutuudhaan banamuu qaba.
- 4) Hojjetaan ragaa faayila dhuunfaa isaa keessa jiru bakka itti gaafatamaan humna namaa yookiin hojjetaan jirutti ilaaluuf yookiin kopiii isaa fudhachuuf mirga qaba.
- 5) Hojjettoota bulchiinsa waldaa hojii gamtaa dhimmi ilaallatu malee namni kamyuu hojii geggesaa waldaa hojii gamtichaa osoo hin heyyamsiisin galmee dhuunfaa hojjetaa ilaaluu hin danda'u.
- 6) Ragaa barreffamaa hojjetaan waldaa hojii gamtaa hin beeksifamne galmee dhuunfaa keessa kaa'uun dhorkaa dha.
- 7) Waldaan hojii gamtaa akkaataa qajeelfama qaamni aangoo qabu kenneen galmee hojjetootaa yeroo murtaa'eef eegee tursuuf itti gaafatamummaa qaba.

19. MUUXANNOO HOJII KENNUU

- 1) Hojjetaan waldaaleen hojii gamtaa kamiyyuu yeroo hojii irra jirutti yookiin sababa kамиинуу тажајила исаа yeroo addaan kutu muuxannoo hojii isaa barreeffamaan yoogaafatu;
- a) Maqaa guutuu hojjetaa;
 - b) Iddoo hojii fi kutaa hojii raawwachaa ture;
 - c) Yeroo tajaajilaa fi miindaan ji'aa kaffalamaa ture;
 - d) Hojjetaan hojii gadhiise yoo ta'e,sababni waliigaltee hojii addaan cituu;
 - e) Yaada waa'ee hojjetaa irratti kenname;
 - f) Raawwii kaffaltii gibira hojii barbaachisaa ta'e ibsuu;
 - g) Yoo danda'ame suuraa iyyataa kan qabate ta'ee,hogganaa yookiin durata'aa boordii waldaa hojii gamtichaa yookiin hoji geggeessaa waldaa hojii gamtichaatiin mallatta'ee, chaappaan waldaa hojii gamtichaa irratti rukutamee mallatteeffamee ni kennamaaf

KUTAA SHAN

RAAWWII HOJII, GUDDINA SADARKAA, JIJJIRRAA FI BAKKA BU'UMMAA HOJII

20. MADAALLII RAAWWII HOJII

- 1) Hoggansi odeeffanno qabatamaa irratti hundaa'uun murtii bulchiinsaa akka kenuu dandeessisuudhaaf waldaan hojii gamtaa raawwii hojii hojjettootaa madaaluu qaba.
- 2) Waldaan hojii gamtaa raawwii hojii hojjetaa madaaluuf kan dandeessisu baay'inahojichaa, qulqullinaa fi yeroo isaa adda baase ulaagaalee safartuu hojii waldaaleen hojii gamtichaa ni qopheessa. Ulaagaaleen madaallii qophaa'uu qaban kanneen armaan gadii of keessatti qabaachuu qabu;
- a) Beekumsaa fi dandeetti hojii;
 - b) Dandeettii karoora baasuu;
 - c) Raawwii karoora hojii;
 - d) Kaka'umsa hojii;
 - e) Qulqullinaa fi bu'aa hojii;
 - f) Itti fayyadama Yeroo hojii;
 - g) Gahumsa gamaaggamaa fi hordoffii rawwii;
 - h) Walitti dhufeenya hojii fi tumsa hojjettoota biroo waliin;

- k) Dhimmoota biroo akkaataa gosa gitaa hojii fi bal'ina hojiitiin ilaalamani ni hammata.
3. Akkaataa ulaagaa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumameen raawwiin karoorichaa dhibbentaa 70 fi kan amala dhibbentaa 30 ta'a. Haalli raawwii karoorichaa itti gaafatamaa kutaa hojiitiin guutamee hoji geggeessaan kan raggaasisu yeroo ta'ee, madaallii amalaadhibbentaa 30 keesssaaiti gaafatamaan dhiyoo dhibbentaa 15 fi hiriyyoonni hojii dhibbentaa 15 kan guutan ta'a.
4. Ulaagaaleemadaallii armaan olitti keewwata 2 jalatti tumaman bu'uura godhachuun hoji geggeessan waldaa hojii gamtaa karoora waggaa keessatti hojiirra ooluu qabu gamaggamuun ulfaatina itti kennunkutaalee hojii isa jala jiraniif ni kenna, raawwichi akka madaalamu godha.
- a) Hoggantootni kutaalee hojii fi hojjetootni karoora waldaa hojii gamtaa irraa gadi bu'e irratti hundaa'uun karoora qabxii ulfaatinaa mataa isaanii karoorfatanii ji'a ja'a ja'aan hoggantoota dhiyoo isaanii waliin walii mallatteessuu; raawwii karoorichaas ni madaalchisuu.
- b) Hoji geggeessaan waldaa hojii gamtichaa hojiwwanji'a ja'a ja'aan bal'inaan raawwachuu qabanulfaatina itti kennee karoorfachuu dura ta'aa koree hojii raawwachiiftuuyookiin dura ta'aa boordii waliin walii mallatteessu, raawwii karoorichaas ni madaalchisa.
5. Hojjetaan yeroo raawwii hojii guutamukomii qabu yoo jiraate komii isaaqbatee hogganaa dhimmi ilaallatuuf dhiyeessuu ni danda'a. hogganaan komii fudhee fi hojjetaa komii dhiyeeffateqaamaa ol'aanaatti dhiyessee wal quunnamssiisuun komichi akka furamu ni godha.
6. Gabaasni madaallii raawwii hojii karaa armaan gadiitiin ni guutama;
- a) Madaalliiin ji'oota ja'aa haala bu'aa kuufamaa hojiwwan guyyaan, torbani, guyyoota 15n, ji'an, kurmaanan raawwataman irratti hundaa'a.
- b) Bu'aaan madaallii raawwii karoora hojjetaan mirkanaa'uu qaba, hojjetaan bu'aa madaallii irratti walii hin galle yoo ta'e sababa waliigaluu dhabuu isaa ibsee mallatteessuu qaba.
- c) Yaadotaa fooyya'insaa fi tarkaanfiawan hojjetaan gara fuulduraatti fudhachuun qabu iraatti marii fi waliigalteen waliinii ni taasifama.
- d) Dhuma irratti yaadni ittigaafatamaa ol'aanaatiin kennname gabaasa keessatti ni galmaa'a.
7. Bu'aa madaallii raawwii karoora itti gaafatamaa dhimmi ilaallatuu fi hojjetaan erga mirkanaa'ee booda warabbii/koppii/ tokko hojjetaadhaaf kan kennamu yoo ta'u, waraabbii/koppii/ tokko immoo galmee hojjetaa keessa taa'uu qaba.
- 8) Bu'aa raawwii hojii hojjetaa sadarkaa shan kan qaban yoo ta'u, sadarkaan isaas
- a) Dhibbentaa 90 ol kan raawwate baay'ee olaanaa ;
- b) Dhibbentaa 75-89 kan raawwate olaanaa ;

- c) Dhibbentaa 65-74 kan raawwate giddu galeessa;
- d) Dhibbentaa 50-64 kan raawwate gad-aanaa
- e) Dhibbentaa 49 gadi baay'ee gad-aanaa dha.

21. HAALA MURTIIGUDDINA SADARKAA

Hojjetaan tokko raawwii hojii isaa irratti hundaa'uun gita hojiigadi aanaa irraa gara goita hojii ol'aanaatti guddachuuf carraa argachuu ni danda'a. Haa ta'u malee kun kan raawwatu qabu karoora wagga waldaa hojii gamtaakeessatti qabamee koree hojii raawwachiiftuu yookiin boordiitiin yoo itti amaname ta'a.

22.KOREE GUDDINA SADARKAA

1.Gurmaa'insa Koree guddina sadarkaa

- a) Guddinni sadarkaa hojjetaa waldaa hojii gamtaafkennamukamiyyuu hojii isaa irratti bu'aa qabeessa akka ta'uufifaa fi madaalawaa ta'uu qaba. Kanahojiirra oolchuuf koreen guddina sadarkaa walumaa galatti miseensota sadii kan qabu yoo ta'u, isaan keessaa tokko hojigeggeessaan kan bakka bu'u lama immoo hojjettootaan kan filataman ta'uu qaba; hojjetaan hojigeggeessaan bakka bu'eewalitti qabaa koree ta;a, koree keessaa tokko hojettuu dubartii adda duree ta'uu qabdi.
- b) Hogganaan kutaa hojii guddina sadarkaa hojjetaan irratti ramadamuuuf ragaa dorgomtootni dhiyeessan sakatta'urraa kasee hanga qormaata kennuutti ni hirmaata.
- c) Baay'ina miseensota koree sababa hanqina hojjettootaatiin koree hundeessuuf yoo hin danda'amne qaama murtii koreen hojii raawwachiiftuu yookiin boordiitiin murtaa'ee bakka bu'uun raawwatamuun ni danda'a.

2. Hojii fi itti gaafatamummaa koree guddina sadarkaa

- a) Dorgomtootni ulaagaa dorgommii guutuu fi dhiisuu isaanii mirkaneessuun wal dorgomsiisuu;
- b) Galmeen dorgomtootaa sirnaan raawwatamu isaa mirkaneessuu;
- c) Barnoota dorgomtootaa,oogummaa addaa,muuxannoo hojii,sirrummaa bu'aaa madaallii raawwii hojii fi ragaalee biroo sakatta'uu, akkasumas ragaaleen shakkii qaban yoo jiraatan qaama dhimmi ilaallatuun akka mirkanaa'uu gochuu;
- d) Dorgommii kan mo'ate adda baasuun yaada murtii fi ragaawan kanaan wal qabatan koreehojii raawwachiiftuuuf yookiin boordiif yookiin hoji geggeessaa waldaa hojii gamtichaatiif dhiyeessuu;

- e) Dorgomtootni dorgommii guddina sadarkaatiif dhiyaatan hundi ulaagaa guutuu qaban kan hin guutne yoo ta'e, sababa isaa ibsuun gitni hojichaamala biraatiin akka guutamu yaada murtii waldaa hojii gamtichaaf dhiyeessuu;
- f) Tarreeffama adeemsa guddina sadarkaa kan ibsuu fi qaboo yaa'ii miseensonni koree hundinuu waliin ta'uun raggaasisan waldaa hojii gamtichaaf dhiyeessuuf; koppii isaa of-birattiwalitti qabee kaa'uuf itti gaafatamummaa qaba.

3. Beeksisa Guddina Sadarkaa baasuu

- a) Beeksisni guddina sadarkaa keessoo gabatee beeksisa waajjira muummee waldaa hojii gamtichaa fi waajjiraalee damee hojjetootni akkasalpaaatti arguu danda'anitti maxxanfama .
- b) Hojjetaan guddina sadarkaa galmaa'uuf ulaagaa guutuu qabu tokkobekamtii waldaa hojii gamtichaatiin bakka bira deemee yoo jiraatee gita hojii duwwaa waldaa hojii gamtichaa baase irratti fedhii yoo qabaatebilbilaan ykn bakka bu'insaanhojjetaan bulchiinsa humna namaa waldaa hojii gamtichaa bakka guutuu dand'utti akka isa galmeessu ni tasisa;
- c) Beeksisni keessoo guyyoota hojii shaniif banaa ta'eetura.

4) Waa'ee Guddina Sadarkaaf gahaa Ta'anii Argamuu

Dorgommii guddina sadarkaa dhiyaachuuf ulaagaalee guutuu qaban akka armaan gadiiti;

- a) Waldaa hojii gamtaa keessatti hojjetaa keessoo ga'ummsa qabuuf gita hojii duwwaa karaa dorgommiitiin ramaduudhaan ergamaa fi kaayyoo waldaa hojii gamtaa galmaan ga'uun kan dandndeessisu ta'uun isaa yoomirkanaa'u,
- b) Waldaa hojii gamtaa keessatti yoo xiqlaate wagga tokko kan tajaajile/te yoo ta'e;
- c) Hojjetaa dhaabbataa kan ta'e;
- d) Dandeettiwan barnootaa, ogummaa fi kanneen biroo barbaachisoo gita hojiif filataman guutee yammuu argmu;
- e) bu'aa raawwii hojii yeroo dhumaan lamaan darban walitti aansuun dhibbentaa 70 fi isaa ol kan fide;
- f) Guddina sadarkaa erga argatee wagga tokkoo fi isaa ol kan hojjete;
- g) Yeroo waldaa hojii gamtaa keessa ture hanqina mallaqaa yookiin qabeenyaa kan hin qabne;
- h) Nama waldaa gamtichaatiin adabbii naamusaa cimaatiinadabamee yeroo dorgommiitti adabbii isaa xumure, miiltoowwan isaa waliin waliigaleekan hojjetuun fi naamusa hojii gaarii kan qabu yoo ta'e;

i)hojjetaa umurii soorama ba'uuf seeraan kaa'ame irra ga'uuf ji'a 3 kan hin caalle isa hafu ;
Ulaagaaleen ga'uumsaa dorgommii guddina sadarkaa gitoota hojiiduwaa hojii gaggeessaaf geessisan kanneen armaan gadiiti.

- a) Waldaa hojii gamtaa keessatti yoo xiqqaate waggaa sadii kan tajaajile/teyoo ta'e;
- b) Hojii isaa keessatti bu'aa gaarii kan qabu, dandeettii gaggeessummaa hojiigaarii kan qabuu fi dandeettii namoota biroo waliin waliigalee hojjechuu kan qabu ta'ee,madaallii raawwii hojii walitti aansuun yeroo dhumaan lamaan keessatti giddu galeessaan qabxii 80 fi isaa ol kan galmeesse yoo ta'e,
- c) Ulaagaalee xiqqaa gita hojii sanaa kan guute yoo ta'e;
- d) Kanaan dura guddina sadarkaa gita hojii irratti ramadamee jirurratti erga argatee booda waggaa tokkoo fi isaa ol kan hojjete;
- e) Yeroo hojii waldaa hojii gamtaahojjete keessatti tarkaanfiin naamusaa kan irratti hin fudhatamne yoo ta'e,

5)Haala Raawwii Guddin Sadarkaa

- a) Guddina sadarkaaf gahumsi dorgomtoota,beekumsii fi dandeettii qaban bu'ureeffachuuun kan raawwatu yeroo ta'u, ulfaatinni qabxii madaallii akkaataa gabatee armaan gaditti ibsameen ta'a**

lakk	Ulaagaalee	Ulfaatina %	Ibsa
1	Raawwii hojii	50	Qabxii giddugaleessa madaallii dhiyoo yeroo lamaa gara dhibbeentaa 50tti jijiiruun;
2	Qormaata barreeffamaa, afaaniin ykn akka barbaachisummaa isaatti qormaata gochaa	25	Amala hojii gita hojichaa hubachuudhaan, filannoowwan murtii koreetiin kaa'amani keessaa tokko ykn lama fudhachuudhaan
3	Gosa qophii barnootaa	5	Barnootni baratekallattiin gita hojii sanaa wajjin kan walqabatu yoo ta'e qabxiin

			guutuun kan kennamu yoo ta'u, yoo wal hin simu ta'e ammoo akka murtoo koree sanaatti kan kennamu ta'a.
4	Muuxannoo hojii ogummaa sanaan (kan itti dhiyaatu)	10	Muuxannoon hojii dorgomaa kallattiin gita hojii wajjin kan walqabatu ta'uu fi dhiisuu isaa ulaagaa mataa isaa qopheessuun madaalama.
5	Qulqullina kuusaa	5	Dorgomaan tokko adabbiin itti fudhatame yoo jiraate ilaaluun ulaagaa mataa isaanii baasuun ni dorgomsiisa'
6	Hogganaa dhiyootiin kan guutamu	5	Tattaaffii hojii dorgomaa, tajaajila miseensotaaf kennuu; fi dandeettii waliigalteenhojjechuu isaa irratti hundaa' qabxii madaallii kennamu,

6) Haala sadarkaan guddina itti Mirkanaa'u

Koreen hojii raawwachiiftuu ykn boordii ykn hojii gaggeessan waldaa hojii gamtaa murtii guddina sadarkaa akkuma isa ga'eenbu'aa isaa gamaaggamee murtee kennuun waamama gita hojiisa, darkaa, gitichaaf mindaa ka'umsa ji'aa, fi xalayaay yoomii kaasee akka kaffalamuuf hojii gaggeessaa waldaa hojii gamtichaan ykn bakka bu'aa isaatiin mallatteessuun ibsa gita hojii fi gahee hojii waliin hojjetaa dorgommicha mo'atee qaqqabsiisuu fi galagalchaan qaamni ilaallatu akka beeku ni taasisa.

7) **Haala Guddina sadarkaa Itti haqamu,**

Guddinni sadarkaa ragaa sobaa dhiyeessuun yookiin dhimma biroo kamiinuu seera cabsuun argame, itti gaafatamummaayakkichihordofsiisu akka eegametti, sadarkaan guddinaa kennname yeroo kamiyyuu ni haqama.

23.Jijjiirraa Keessoo Hojjetaa

1. Waldaan hojii gamtaa hojii isaatiif barbaachisaa ta'ee yommuu arge, hojimaata ifa ta'e hordofuun, waldaa hojii gamtaa keessatti muuxannoo hojii mijawaa (barbaachisaa) waldaa hojii gamtaa keessatti gita hojiifi mindaawalqixa irraa garasadarkaa hojii fi mindaa wal fakkaatu qabutti ykn gita hojii tokko irraa gara kan biraatti jijiiruun hojjechiisuu ni danda'a.
2. Hojjetaan waldaa hojii gamtaa yeroo yaalii isaaxumure sababa rakkoo fayyaatiin bakka amma jirutti hojjechuu yoo dadhabe ragaa doktoraatiin yoo mirkanaa'e:
 - a) Bakki hojii duwwaa sadarkaa walfakkaatuun ramadamuu danda'u yoo jiraate, sadarkaa qabate ykn
 - b) Gitni hojii duwwaan sadarkaa walfakkaatuirratti ramadamuu danda'u yoo hin jiraannee fi hojjetaan sadarkaa gadi aanaa irrattiramadamee hojjechuuf fedhii kan qabu yoo ta'e sadarkaan sun hir'atee gara gita hojii ykn gita hojii mijawaa ta'etti ni jijiirama.
3. Gitni hojii hojjataa waldaa hojii gamtaa yoo haqame waldaa hojii gamtichaa keessatti gara gita hojisadarkaa walfakkaatutti ni jijiirama.

24. Waa'ee akka Eggataatti hojjechuu

1. Haalli yoo dirqisiise hojjetaa waldaa hojii gamtaa tokko yeroof gita hojii sadarkaa olaanaa irratti yeroo waggaa tokko hin caalleef eeggattummaadhaan hojjechiisuuni danda'a.
2. Haa ta'u malee, hojjetaan waldaa hojii gamtaa waggaa tokkoo ol barnootaaf ykn leenjiif deeme hanga yeroon barnootaa ykn leenjii xumuramutti gita hojichaahojjetaa eeggataa bakka buusee hojjechiisuu ni danda'a.
3. Hojjetaan eeggattummaadhaan akka hojjetu yeroo taasifamu faayidaaleengita sanaaf qabame yoo jiraate ni argata.

25. Waa'ee jijiirraaAlaa

- 1) Jijiirraan alaa waldaalee hojii gamaatiin kan raawwatamu waldaan hojii gamtichaa barbaachisaa ta'eeyoo itti mul'ate qofa ta'a.
 - a) Gitoota hojii duwwaa jijiirraa alaatiin guuttachuu kan danda'angita hojii,sadarkaa fi mindaa walfakkaataa kan qabaniin ta'ee, yuuniyeenii waldaalee hojii gamtaa fi federeeshinii waldaalee hojii gamtaa yoo ta'an waldaalee miseensa isaanii ta'anii fi waldaalee walfakkaatan biro irraa qofa ta'a.
 - b. Beeksini jijiirraa alaa guyyoota hojii 7 walitti aanuuf ni maxxanfamee akka turu ni taasifama.
 - c. Guyyaa beeksini kun itti maxxanfame guyyaa qilleensarra oole irraa eegalee akka tokkotti lakkaa'ama
 - d. Galmeen guyyaa beeksini qilleensarra oole irraa eegalee guyyoota hojii walitti aansuun kan gaggeeffamu ta'a.

2) Gitoota hojii duwwaa jijiirraa alaatiin guutuuf ulaagaaleendorgommii kanneen armaan gadiiti.

- a) Gitoota hojii qormaata gochaa hin barbaanneef qormaanni barreeffamaa%90, qormaanni afaanii ammoo %10 ta'a.
- b) Gitoota hojii qormaata gochaabarbaadaniif qormaanni gochaa %65, qormaata barreeffamaa %25 fi qormaata afaanii %10 ta'a.
- c) Dorgomaan gitoota hojii qormaata barreeffamaa barbaadaniif yoo xiqaate %50 yoo hin arganne qormaata itti aanuuf dhiyaachuu hin danda'u.
- 3) Gitoota hojii ogummaa addaa barbaadaniif koreen dhaabbata ykn nama dhuunfaa dandeetti qabu afeeruun akka qoraniif gochuu ni danda'a.
- 4) Hojjettooni waldaa hojii gamtaa lamaa sadarkaa hojii walfakkaataa irra kanjiran yoo ta'ee fi waldaaleen hojii gamtaa yoo itti walii galan beeksisa baasuu osoo hin barbaachisin fedhii isaaniitiin wal jijiiruu ni danda'u. Haa ta'u malee, jijiirraan osoo hin raawwatamin dura dandeetiiwan xiqqa barbaadamu guutuu isaanii karaawaldaa hojii gamtaa jijiirraa gaafatee mirkanaa'uu qaba.

26. Waa'ee bakka bu'insahojii

- 1) Waldaan hojii gamtaa hojjetaa sababa dhukkuba, boqonnaa fi kkf hojii irraa hafef ykn gita hojii banaa ta'eefhojiin akka hin miidhamneef hojjetaa bakka bu'insaan ramadee hojjechiisuu danda'a.
- 2) Koreen hojii raawwachiiftuuyookiin boardii waldaalee hojii gamtaa hojiin si'oominaa fi bu'aa qabeessa akka ta'u yoo hubate hojii gaggeessaaf akkasumas hojii gaggeessaan hojjettoota isa jala jiraniif bakka bu'insa barreffamaan tarreessee kennuu ni danda'a.
- 3) Bakka bu'ummaan barreffamaan yoo ta'e; waldaan hojii gamtichaa kutaalee hojii fi qaamolee biro isaan ilaallatuuf galagalchaan akka beekan taasisuu qaba.
- 4) Hojjetaan bakka bu'insi hojii kennameefhojiidilee isaa irraa yeroo hafu aangoo mataa isaatiin hojjetaa biraatiif bakka bu'insakennuu hin danda'u.
- 5) Haala kamiinuu bakka bu'insihojii kennamewaggaa tokko caalu hin danda'u. Barbaachisaa ta'ee yoo argame yeroo kamiyyuu bakka bu'umsicha irraa kaasuun ni danda'ama.

27. Barnootaa fi leenjii hojjetaaqacaramaa

- 1) Sababoota barnootaa fi leenjiinittikennamuu
 - a) Hojjetaan beekumsagahaa, ogummaa, dandeettii fi ilaalcha gaarii , akkasumas dorgomaa gahumsaa fi bu'a qabeessa ta'ee , mul'ataa fi ergama waldaa hojii gamtichaa galmaan ga'uuf kan carraaqu fi hojjetaan hojii irratti ramadame yeroon, qulqullinaa fi baay'ina akkasumas gahumsaankeessa bahu uumuuf;
 - b) Hojjetaan gochaaleesirrii hin taanee fi yeroo hojii qisaasessan;adeemsota, barmaatilee figochoota qulqullinaa fi guddina hojii boodatti harkisan irraa akka of quatuuf;
 - c) Beekumsa hojii fi mala hojii haaraa saayinsii fi teeknooloojiin kalaqame mala adeemsota haarawaa horachuu, hojiitti hiikuu fi jijiirama waliin tarkaanfatugochuuf;
 - d) Hojjetaan sababa guddina sadarkaa yookiin jijiiraa irraa kan ka'e hojii fi itti gaafatamummaa dabalataa yeroo fudhatu hojii fi itti gaafatamummaa haaraa kanaaf ga'umsaqabaatee akka argamu gochuuf;
 - e) Dandeettii hojii isaa fooyessee bakka hojii ramadame irratti bu;aa hojii fooyee qabeessa argamsiisuu akka danda'uuf ykn sadarkaa ogummaa isaa irratti hundaa'ee itti gaafatamimmaa dabalataaf akka of qopheessu taasisuuf;

2) Haala barnootaa fi leenjii hojjetaadhaaf kennamuu itti murtaa'u

1.Qaama Leenjisuuuf Itti Gaafatamummaa Qabu

Rakkoo hanqina humna nama baratee waldaa hojii gamtaa dhabamsiisuuf karoora misooma humna namaa yeroo gabaabaa, giddu galeessaa fi dheeraa qopheessuun, leenjichi qo'annoodhaan karoora baasuu fi baajeta qabachuun hojjettooni leenjii akka argatan gochuun gahee waldaa hojii gamtichaati.

2) ulaagaalee filannoo

- A) Hirmaattonni leenjii yeroo gabaabaa kan filataman hojii gaggeessaa waldaa hojii gamtichaa fi itti gaafatamaa bulchiinsa humna namaatiin yoo ta'u, fayyadamtooni carraa leenjii fi barnoota yeroo dheeraa ammoo hojii gaggeessaa fi hogganaa humna namaatiin filatamuu qabu.
- b) Leenjiin yeroo gabaabaa gita hojii hojjattootaa fi hojii hojjetan waliin kan walqabatu ,fi beekumsa, dandeettii fi ilaalcha isaanii kanfooyyessuu ta'uuqaba.
- c) Carraan leenjii fi barnoota yeroo dheeraa yommuu qophaa'an leenjichi ykn gosni barnooticha waldaa hojii gamtichaaf faayidaa akka qabu mirkanaa'uu qaba.
- d)Carraa leenjii fi barnootaa argame hojjettooni kallattiifi barbaachisoo ta'an akka dorgomaniif ulaagaaleen dorgommii ni qophaa'u. Kanaafis hojjettootni itti fayyadamuu akka danda'aniifdorgommichi ifatti akka beeksifamuu gochuu fi dorgommichi akka gaggeeffamu ni taasifama.
- e) carraa leenjii fi barnoota olaanoo ji'a sadii ol turuuf qabxiin wal dorgommii (filannoo) akkaataa gabatee armaan gadii irratti hundaa'uun ni raawwata.

lakk	Ulaagaalee	Ulfaatina	Ibsa
1	Bu'aa madaallii raawwii hojii	%70	Qabxii giddugaleessa madaallii marsaa lamaa dhiheenya kana xumurame gara dhibbeentaa 70tti jijjiiruun;
	Faayidaa hojii sanfooyyessuuqabu	20	Koreen kun ulaagaa mataa isaa qopheesee leenjichi dorgomaan hojii raawwachaa jiruqlquolina, yeroo fi baay'inaan akka raawwatu hangam akka isagargaaru yaada keessa galchuun ni dorgomsiisa.
	Muuxannoo hojii barbaachisaa ta'e	5	Walitti dhufeenyi muuxannoo hojii dorgomaa fi

			leenjii laatamu gidduu jiru yaada keessa galchuunni ilaalamu
	Qulqullina kuusaa	5	Dorgomaa tokkoof adabbiin naamusaa yoo jiraate koreen ulaagaa mataa isaa qopheessee ni dorgomsiisa.

f) Yeroo filannoo barnootaa fi leenjii hojjettoota dubartootaa fi hojjettoonni qaama miidhamtoota ta'an qabxiin waliigalaa isaanii dorgomtoota biroo wajjin wal bira qabamee yoo ilaalamu qabxii 3 oliin yoo caalemalee hanga ulaagaa xiqqaa guutanitti dursi ni kennamaaf.

3) Dirqama carraa leenjii fi barnootaa yeroo gabaabaa fi dheeraa

A) Leenjii yeroo gabaabaa leenjifamanii nbooda hojjettoonni jijiirama dandeettii fi ilaalcha isaaniiirratti dhufe itti gaafatamaadhiyoosaanitti ni gabaasu. Maanuwaalonni leenjiirraa argaman waldaan hojii gamtichaa taa'uu qaba.

b) Hojjettoonni carraa leenjii fi barnoota yeroo dheeraa irraa fayyadamoo ta'an jalqaba wabii waamuunfi waldaa hojii gamtaa waliin waliigaltee uumuun waggaa leenjii ykn barnootaaf oole dachaa lama tajaajiluu qabu.

c) Hojjetaan dirqama tajaajilaa armaan olitti ibsame raawwachuuf fedhii yoo hin qabaanne baasiwaldaan hojii gamtaa barnootaaf baase yeroo tokkotti kaffaluuf dirqama ni qabaata.

d) Hojjetaan akkaataa waadaa galeen yeroo tajaajilaa barbaadamu osoo hin xumurin hojii gadhiisuu yeroo barbaadu kaffaltii walgitu yeroo tajaajile irraa hir'ifamee kan hafeakka kaffalu ni taasifama.

e) Hojjetaan sa'aatii hojii idilee waldaa hojii gamtichaa tti fayyadamee ka barate yoo ta'ebarroota irratti argamu, kaffaltii barnootaaf bahe dabalatee sababa barnootaatiin hojii irraa kan hafe waliin herregamee kaffaluuf dirqama ni qabaata.kaffaluufis dirqama qaba.

Kutaa jahaffaa

Sa'aatii hojjetaa, hayyamaa fi faayidaa

28. Waa'ee Sa'aatii Hojii

- 1) Guyyaa Fi sa'aatii Hojii Idilee
 - a) Sa'aatii hojii idilee waldaa hojii gamtaa haala hojjechiisaa fi hojjetaa irratti akkaataa tumaalee labsii lakk.1156/2011 giddu galeessaan guyyaatti sa'aatii saddeet fi torbanitti sa'aatii afurtamii saddeet hin caalle dha.
 - b) Sa'aatii hojii seensaa fi ba'uu istaandaardii, guyyoota hojii haala qilleensaa naannoo waldaa hojii gamtaa irratti hundaa'uun guyyoonni hojii waliigaltee waldaa hojii gamtaa fi hojjetaa gidduu jiru irratti hundaa'uun Wiixataa hanga sanbata duraa kan ta'u ta'a
 - c) Maalummaa humna hojii, waldaan hojii gamtaa fi hojjetaan guyyoota hojii torbanii kamiyyuu irratti yeroo walii galan sa'atii hojii gabaabsuun garaagarummaa guyyoota hafaniif sirreessuun ni danda'ama.
 - d) Waldaan hojii gamtaa tokkoon tokkoon hojjetaatiif unka to'anno yeroo ni qopheessa, hojjetaan kamyuu unka to'anno yeroo keessatti hojii irratti argamuun isaa ilaachisee, hojii jalqabuu isaa dura guyyaatti al lama mallattoo isaa kaa'uu qaba.
 - e) Hojjetaan kamyuu sa'atii hojiitti kan hin argamne yoo ta'e, koreen hoggansa ykn boordii ykn hogganaan ykn hogganaan dhiyeenyaa tarkaanfii barbaachisaa ta'e irratti fudhachuu danda'a.

2.Sa'aatii Hojii Dabalataa

Hojiin sa'atii dabalataa waldaalee hojii gamtaa keessatti hojjechiisaa fi hojjetaa yoo ta'e labsii lakk.1156/2011 jalatti tumameen hojiirra oola.

29. Waa'ee Ayyaana Uummataa Fi Guyyaa Boqonnaa Torbanii

Hojjettoota waldaalee hojii gamtaa dhimma hojjechiisaa fi hojjetaa yoo ta'e guyyoota boqonnaa ummataa fi guyyoota boqonnaa torban torbaniin hojiirra oolchuu Labsii Lakk.1156/2011 bu'uura tumaaleetiin hojiirra kan oolu ta'a.

30. Haala Kenniinsa Hayyamaa

1) Boqonnaa waggaa

Waldaaleen hojii gamtaa hojjataa kamiifuu boqonnaa waggaa kan kennan yoo ta'u, guyyooni boqonnaa waggaa akka armaan gadiitti kan kennamu ta'a..

- a) Hojjetaan waldaa hojii gamtaa waggaa tokko tajaajile boqonnaa waggaa guyyoota hojii kudha jaha ni argata.
- b) Hojjetaan waggaa tokkoo ol tajaajile tokkoon tajaajila waggaa lamaa dabalataaf guyyaan hojii tokko ni dabalam/ ni kenna. Haa ta'u malee, boqonnaan waggaa kennamu guyyoota hojii 26 hin caalu.
- c) Boqonnaan waggaa maallaqaan kan hin jijiiramne dha. Haa ta'u malee, waliigalteewwan lamaan keessatti hojiwwan ariifachiisaa yeroo jiranii fi hojjetaan tokko sababa tajaajila addaan cituutiin boqonnaan waggaa tti yoo hin fayyadamne maallaqaan ni kaffalamaaf.
- d) Yeroo tajaajilaa boqonnaa waggaa argachuuf ulaagaa guutuu qabu murteessuuf jecha waldaa hojii gamtaa guyyoota digdamii jahaaf kan tajaajile, hojjetaan tokko akka ji'a tokkoof hojjeteetti fudhatama.
- e) Yeroon tajaajila hojjetaa tokkoo waggaa tokkoo gadi yoo ta'e boqonnaa yeroo tajaajilaa wajjin walsimu ni kennamaaf
- f) Hojjetaan boqonnaa waggaa irratti mindaan kaffalamu osoo hojii irra jiraatee silaa kaffalamuun wal qixa ni ta'a.

2) Haalli Kenniinsa Boqonnaa Wagga Akka Armaan Gadiitti ta'a.

- a) Hojjetaan tokko waggaa tokko erga tajaajilee booda boqonnaa waggaa jalqabaa fi sana booda waggaa waggaan walitti aansuun yeroo hunda boqonnaa waggaa ni argata.
- b) Karoora waldaa hojii gamtaa irratti hundaa'ee fi fedhii hojjetaa hanga danda'ametti tilmaama keessa galchuudhaan hayyamaa boqonnaa waggaa sagantaadhaan hojiirra ni oola.
- c) Hojjataan yeroo boqonnaa fudhatu mindaa ji'a boqonnaa irra jiru dursee fudhachuu ni danda'a.

3. Waa'ee Heyyama Boqonnaa Wagga Qoqqooduu fi Dabarsuu

- a) Hojjataan boqonnaan waggaa isaa akka qoodamu gaafatee fi hojjechiisaan waldaa hojii gamtichaaf akka kennuuf waliifgaluu danda'u.
- b) Haalli hojii waldaa hojii gamtaa yeroo dirqisiisu inni ykn hojjetaan hayyamni akka dabarfamuu fi waldaan hojii gamtaa waliigaltee irratti boqonnaan waggaa hojjetaan dabarfamuu ni danda'a. Haa ta'u malee haala kana keessatti yeroon boqonnaa waggaa fudhachuu waggoota lamaan itti aanan irra dheerachuu hin danda'u.
- c) Hojjetaan tokko boqonnaa waggaa osoo jiruu dhukkubsatee dhaabbata yaalaa yoo seene boqonnaan dhukkubsataa yeroo sanaaf ni kennama. Boqonnaan akkaataa labsii hojjechiisaa fi hojjetaa 1156/2011 tiin kan raawwatamu ta'a.

4) Waa'ee Hojjetaa Boqonnaa Irra Jiru Waamuu

- a) Hojjetaan boqonnaa irra jiru tokko haalli dursee hin beekamnee fi argamuun hojjetaa barbaadu yeroo isa mudatu waamamuu ni danda'a;
- b) Hojjataan boqonnaa irraa yommuu waamamu, yeroo adeemsaa keessa dabarse osoo hin dabalatin boqonnaan waggaa hafe maallaqaan ni kaffalama.
- c) Waldaan hojii gamtaa baasii geejjibaa fi mindaa imala hojjataan sababa boqonnaa irraa waamameef bahe ni kaffala.

31. Kenninsa Hayyama Addaa

1. Boqonnaa Dahumsaa

- a) Hojjettuu waldaa hojii gamtaa ulfaa, akka ajaja doktorri qorannoo ulfaa wajjin walqabatutti boqonnaan kaffaltii qabu ni kennamaaf. Haa ta'u malee, hojjetaan erga wal'aansa booda ragaa yaalaa dhiyeessu qaba.
 - a) Hojjetaan ulfaa tokko osoo hin dehiin dura akka boqotu ogeessa fayyaatiin yoo ajajame hojjechiisaan boqonnaa kaffaltii qabu ni kenna
 - b) Hojjettuu ulfaa waldaa hojii gamtaa guyyaa da'umsaa eegamu guyyoota 30 dura yeroo yeroon ishee gahu, guyyoota walitti aansuun boqonnaa dahumsa duraa fi guyyaa

dhalootaa booda guyyoota 90 walitti aansuunkaffaltii waliin boqonnaan dahumsaa ni kennamaaf.

- d) Hojjataan sun boqonnaa dahumsaa guyyoota 30 osoo hin dahiin dura fudhatte, hanga guyyaa deessetti yoo hin deenye, bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1(c) tiin hayyama argachuu ni dandeessi. Guyyaa hojii 30 boqonnaa dahumsaa osoo hin xumuramin yoo deesse, boqonnaan dahumsa boodaa guyyoota 90 itti fufa.
- e) Hojjettuun ulfaa kamiyyuu yeroo ulfi irraa bahuu isaa doktoraan mirkanaa'e guyyoota isheen hojii irraa hafte mindaan hir'ifamu.

2. Boqonnaa Dhukkubaa

- a) Hojjetaan tokko yeroo yaalii erga xumuree booda sababa dhukkubaan hojjechuu yoo dadhabee boqonnaan dhukkubaa ni kennamaaf.

Boqonnaan dhukkubsataa yeroo hojjetaan ajaja doktoraatiin hospitaala seenu ykn hospitaala keessaa bahudha.

- .b) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2(a) jalatti boqonnaan dhukkubsataa guyyaa jalqabaa erga fudhatee kaasee ji'ota kudha lama keessatti boqonnaan walitti aansuun ykn yeroo adda addaatti fudhatame haala kamiinuu ji'a jahaa caaluu hin qabu.
- c) Hojjetaan waldaa hojii gamtaa kamiyyuu sababa dhukkubaan hojii irraa kan hafe yoo ta'e, guyyaa itti aanutti hogganaa isaa dhiyootti ykn dhimmicha gabaasuu qaba, hoggantoota waldaa hojii gamtaa dhimmi ilaallatuuf beeksisuu qaba.
- d) Hojjetaan boqonnaa dhukkubaa kamiifuu ragaa boqonnaa yaalaa dhaabbata fayyaa seera qabeessa ta'een mirkanaa'e irraa yeroo dhiyeessu qofa..
- e) Hojjetaa waldaa hojii gamtaa yeroo yaalii xumureef boqonnaan dhukkubaaa mindaa guutuu waliin ji'a tokkoof kan kennamaaf yoo ta'u, . ji'ota lamaan dhufaniif mindaa %50 kaffalamuun ji'ota sadan dhufaniif kan hin kaffalamne ta'a.

3.Heyyama dhimma maatiitiif kennamu

- a) Haadha manaa hojjetaa kamiyyuu, warra, mucaa, obboleettii, obboleessa, akaakayyuu, akkoo, adeera, abbaa warraa ykn haadha warraa, obboleettii, obboleessi tokko yoo du'e boqonnaan gadda kaffaltii qabu guyyoota sadii ni kennama.
- b) Haati warraa hojjetaa tokkoo yeroo deesse guyyoota sadii walitti aansuun boqonnaan kaffaltii qabu ni kennamaaf.
- c) Hojjetaan tokko haalli addaa yoo mudate hanga guyyoota shanii walitti aansuun boqonnaa kaffaltii malee argachuuf mirga qaba. Haa ta'u malee gama kanaan hayyamni kenname bara faayinaansii keessatti dachaa lamaa ol ta'uu hin danda'u.

4. HayyamaDhimma Dhuunfaaf Kennamu

- a) Hojjetaan falmii hojii akka dhiyeessu yookiin dhaddacha falmii hojii irratti argamuun raawwachuu fi qaamolee haqaa duratti yeroo ragaa bahuu qofaaf kaffaltii waliin hayyamni ni kennamaaf.
- b) Hojjetaan tokko gaa'ila seera qabeessa yommuu seenu hojjataan boqonnaan guyyaa torba yeroo tokko qofa ni kennamaaf.
- c) Hojjetaa barnoota ykn leenjii irratti hirmaatuuf qormaata biyoyolessaa sa'atii hojii idileetti fudhatamuuf qaama barbaachisaa ta'e akka ragaa sagantaa qormaataa dhaabbatichi baaseetti, hojjetaa qormaata fudhatuuuf yeroo qormaanni fudhatu qofaaf hayyamni kaffaltii qabu kennamuu ni danda'a.

5. Waa'ee Heyyama Addaa Mindaa Malee

- a) Hojjetaan waldaa hojii gamtaa yeroo yaalii xumureef sababa gahaa ta'een kaffaltii malee boqonnaan addaa yeroo gaafatu dantaa waldaa hojii gamtaa irratti dhiibbaa yoo hin geessisne, hanga ji'a tokkoofi walakkaan murtii koree hoggansa ykn bardin isaaf hayyamuu danda'a.
- c) Kanaan ala hojjataan boqonnaa kaffaltii malee fudhatu buusii sooramaa guutummaa guutuutti ni kaffala.

32.Haala Hojii Hojjettoota Dubartootaa

Haala hojii hojjettoota dubartootaa waldaalee hojii gamtaa keessatti bu'uura tumaalee labsii lakk.1156/2011 dhimma hojjechiisaa fi hojjetaa irratti hojiirra ni oola.

33. Haala Hojii Hojjettoota Dargaggoottaa

Haala hojii dargaggoota hojjettoota waldaalee hojii gamtaa keessatti akkaataa tumaalee labsii lakk.1156/2011 dhimma hojjechiisaa fi hojjetaa irratti hojiirra ni oola.

34. Haala Kaffaltii Geejibaa fi Durgoo Olmaa

1)Haala Baasii Geejibaa fi Durgoo Oolmaa Murteessuu

a) Hojjetaan waldaa hojii gamtaa tokko bakka hojii idilee isaatiin alatti bakka hojii biraad deemee guyyuma sanatti deebi'uu hin danda'u yoo ta'e, guyyaa guyyaan baasii nyaataa fi bakka jireenyaa sa'atii 24f kaffalamu ni kaffalama, hojiif bakka hojii biraad deemee guyyuma sanatti yoo deebi'e, qarshiin ni kaffalamaaf.

b) Hangi kaffaltii durgoo guyyaa hojjettoota waldaa hojii gamtaatiif kaffalamu qoratamee yaa'ii waliigalaatiin kan murtaa'u ta'a.

Dambiin keessoo waldaa hojii gamtaa hammatamee hojiirra ni oola. Yaa'ii waliigalaa waldaa hojii gamtichaatiin kan hin murtoofne kaffaltiin durgoo akka kaffaltii seeraan alaa ta'ee fudhatama.

c) Hojjetaa waldaa hojii gamtaa bakka hojii idilee isaa irraa gara magaalaa itti argamutti socho'uudhaan hojii isaa raawwateefdургоон hin kaffalamu.

d) Tilmaamni waliigaltee durgoo guyyaa guutuu keessaa %10 ciree, %25 laaqana, %25 irbaataa fi %40 sreedhaaf.

2) Hojjetaan waldaa hojii gamtaa ykn qaamolee biroo bakka hojii idileetiin ala deemanii guyyaadhuma sana yoo deebii'an kaffaltiin durgoo akkaataa shallaggii yeroo armaan gadiitiin hojiirra oola.

a) Hojjetaan tokko sa'atii 1:00 waaree dura hojiitti deemee hanga sa'atii 6:00 waaree dura bakka hojii irraa deebi'e yoo ta'e, baasii ciree ni deebifama, 10 % ni kaffalama.

Sa'atii waaree booda yoo deebi'e baasii ciree fi laaqana irraa %35 ni kaffalamaaf.

Galgala sa'atii 2:00 booda hojii irraa yoo deebi'e baasii ciree, laaqana fi irbaata irraa %60ni kaffalamaaf.

- b) Hojjetaan ganama sa'atii 1:00 booda hojiitti deemu ganama sa'atii 6:00 dura yoo deebi'e kaffaltiin isaa hin kaffalamu. kan guyyaa sanaa. Yoo waaree dura sa'atii 6:00 fi galgala sa'atii 2:00 gidduutti deebi'e, baasii laaqanaaf %25 deebi'ee ni kaffalama, galgala sa'atii 2 booda yoo deebi'e baasii laaqanaa fi irbaataa %25 ni deebifama.
- c) Guyyaadhuma kana sa'atii 6:00 waaree booda yoo bahee sa'atii galgalala sa'atii 2:00 booda yoo deebi'e baasii irbaataa irraa %25 ni kaffalama. Guyyaa sana galgala sa'atii 2:00 dura yoo deebi'e kaffaltiin hin kaffalamuuf.
- d) Gabaasni raawwii hojii dirree isa dhuma supparvaayizara dhiyootti dhiyaachuu qaba. Hogganaa hojii sanaaf gabaafameyeroo fi bakka murtaa'etti hojiin sirnaan hojjetamuu isaa mirkaneessee herregni akka bu'u gochuu qaba.
- e) Kaffaltii tajaajila waldaan hojii gamtaa tajaajila nyaataa ykn mana ciisicha siree akka armaan olitti ibsametti kenu reetiin kun durgoo irraa ni hir'ifama.

3) Haala Baasii kaffaltii Geejjibaa Fi Durgoo Oolmaa

Baasii geejjibaa akkaataa taarifa Abbaan Taayitaa Geejjibaa Daandii baaseen kan kaffalamu nagaheen ta'a.

4) Akkaataa Kaffaltii baasii geejjibaa fi durgoo oolmaa imala alaa murteessuu

Hojjettooni waldaalee hojii gamtaa hojiif yeroo biyya alaa deeman, qarshiin geejjibaa fi imala mootummaanni kaffalama. Akkaataa sirna kaffaltii imala biyya alaatiin hojiirra kan oolu ta'a.

5) Sirna kaffaltii Baasii Bilbilaa murteessuu

- a) Tajaajila bilbilaa fi interneetii qunnamtii daldalaafi waajjira waldaa hojii gamtaa ykn waajjiraan alatti kutaaleen isaan barbaadan bilbila waajjiraa fi sarara moobaayilaa adda ta'e qabaachuu qabu.
- b) Barbaachisummaa fi hanga kaffaltii ji'a ji'aan kaffaltii bilbilaa, akkaataa bal'ina hojii fi barbaachisummaa hojii biirichaa, akkasumas baajata ji'aa hogganaan qoratamee koree hoggansa ykn boordiitiin madaalamee yaa'ii waliigalaatiin mirkanaa'uu qaba.

c) Waldaan Hojii Gamtaa bilbila hojjattoonni dhimma dhuunfaaf bilbilaniif kaffaltii hin kaffalu.

35. Fandii Tajaajila Sooramaa Hojjetaa

1) Waa'ee Galmee Wabii Hawaasummaa fi Lakkoofsa Addaa

a) Akkaataa "Labsii Soorama Hojjettoota Dhaabbata Dhuunfaa Lakk. 715/2003" tiin karoora sooramaa hojjettoota waldaalee hojii gamtaa kaffaltiin isaaniif kaffalamuu qaba.

b) Labsii hundeffama waldaa hojii gamtaa, seenaa jirenyaa hojjettootaa, xalayaa qaxarrii fi jaarmiyaa dhuunfaa biroo hojjettoonni odeeffannoo Ejensii Wabii Hawaasummaa barbaadu qindeessuun galmeessuu qabu.

c) Waldaa hojii gamtaa haaraa hundeffamanii fi sanada galmee hojjettoota dhaabbilee dhuunfaa erga hundeffamanii guyyoota jaatama keessatti Ejensiin Wabii Hawaasummaa kennuu qabu.

d) Waldaaleen hojii gamtaa sanada galmee hojjataa haaraa hojjetaan erga qacaramee guyyoota jaatama keessatti dhiyeessuu qabu.

Hojjettooni dhaabbatichaa dhaabbata wabii hawaasummaa kennuu qabu.

e) Herrega wabii hawaasummaa waldaan hojii gamtaa yookiin hojjetaan kamiyyuu ragaa galmeeyeroo dhiyeessu lakkofsi ni kennamaaf.

f) Tajaajila bilbilaa fi interneetii qunnamtii daldalaaf waajjira waldaa hojii gamtaa ykn waajjiraan alatti kutaaleen isaan barbaadan bilbila waajjiraafi sarara moobaayilaa adda ta'e qabaachuu qabu.

g) Barbaachisummaa fi hanga kaffaltii ji'a ji'an kaffaltii bilbilaa, akkaataa bal'ina hojii fi barbaachisummaa hojii biirichaa, akkasumas baajata ji'aa hogganaan qoratamee koree hoggansa ykn boordiitiin madaalamee yaa'ii waliigalaatiin mirkanaa'uu qaba.

h) Waldaan Hojii Gamtaa bilbila hojjattoonni dhimma dhuunfaaf bilbilaniif kaffaltii hin kaffalu.

35. Fandii Tajaajila Sooramaa Hojjetaa

1) Waa'ee galmee wabii hawaasummaa fi lakkoofsa eenyummaa

a) Akkaataa "Labsii Soorama Hojjettoota Dhaabbata Dhuunfaa Lakk. 715/2003" tiin karoora sooramaa hojjettoota waldaalee hojii gamtaa kaffaltiin isaaniif kaffalamuu qaba.

- b) Labsii hundeffama waldaa hojii gamtaa, seenaa jirenyaa hojjettootaa, xalayaa qaxarrii fi jaarmiyaa dhuunfaa biroo hojjettooni odeeffannoo Ejensii Wabii Hawaasummaa barbaadu qindeessuu galmeessuu qabu.
- c) Waldaa hojii gamtaa haaraa hundeffamanii fi sanada galmee hojjettoota dhaabbilee dhuunfaa erga hundeffamanii guyyoota jaatama keessatti Ejensiin Wabii Hawaasummaa kennuu qaba.
- d) Waldaaleen hojii gamtaa sanada galmee hojjataa haaraa hojjetaan erga qacaramee guyyoota jaatama keessatti dhiyeessuu qabu, hojjettooni dhaabbatichaa dhaabbata wabii hawaasummaa kennuu qabu.
- e) Herrega wabii hawaasummaa waldaan hojii gamtaa yookiin hojjetaan kamiyyuu ragaa galmee yeroo dhiyeessu lakkofsi ni kennamaaf.
- f) Odeeffannoo galmee waldaa hojii gamtaa kamiyyuu fi hojjettoota isaa irratti jijiiramni yeroo uumamu guyyoota jaatama keessatti Ejensiin wabii hawaasummaa jijiirrama kana hojjettoota dhaabbata dhuunfaa ragaa deeggarsaa waliin beeksisu qaba.
- g) Lakkofsa galmee wabii hawaasummaa yeroo waldaan hojii gamtaa diigamu, qulqullaa'u ykn kan hin jirre waliin walitti makamu kennamu guyyoota 60 booda hogganaan ykn inspektarichi hojjettoota dhaabbata dhuunfaa dhaabbata wabii hawaasummaa ni beeksisa
- h) Odeeffannoo hojjetaa qindeessuu gara Ejensii wabii hawaasummaa hojjettoota dhaabbata dhuunfaatti akka hin dabarre itti gaafatamaan ykn hogganaan waldaa hojii gamtaa dhimmi ilaallatu akkaataa Labsii Hojjetaa fi Hojii Keewwata 9 tiin itti gaafatamummaani qabaata.

2) . Buusii fandii soorama tajaajila hojjettootaa

- a) Buusii soorama tajaajilaa waldaa hojii gamtaa irraa mindaa hojjettoota waldaa hojii gamtichaa irratti hundaa'uun hojjetaa keessaa dhibbeentaa kudha tokkoo fi dhibbeentaa torba ta'a.
- b) Tokkoon tokkoon waldaa hojii gamtaa hanga beeksisa biraa kennamutti buusii sooramaa hojjettootaa mindaa isaanii irraa hir'isuun qooda mataa isaa dabalatee ni kaffala.

Hanga dhuma baatii kanaatti fandii sooramaatiif gumaacha gochuun dirqama.

- c) Waldaalee hojii gamtaa buusii sooramaa irraa qooda hojjettootaa mindaa dhuma ji'a tokkoon tokkoon hojjettootaaf kaffalamu irraa osoo hin hir'isin hawaasni gumaacha ofumaa akka kaffalu ni taasifama.
- d) Baankii dhaabbata dhuunfaa karoora raawwii soorama hojjettoota dhaabbata dhuunfaa jalatti haguugame kamiyyuu herregaaf maqaa fi teessoo baankii herregni itti argamu gara dhaabbata wabii hawaasummaa hojjettoota dhaabbata dhuunfaa ykn qaama gumaacha sooramaa sassaabuuf aangoo kenne barreffamaan beeksisuuf dirqama qaba.
- e) Waldaaleen hojii gamtaa gumaacha sooramaa hojjattootaa kaffaltii tajaajilaa, erguu, liqaa ykn tajaajila kamiyyuu fayyadamuu hin danda'u.
- f) Buusiin sooramaa ji'a ji'aan sadi irraa eegalee gara dhaabbata wabii hawaasummaa ykn bakka bu'aa hojjettoota dhaabbata dhuunfaatti dabarfamuu Waldaaleen hojii gamtaa ji'a tokkoo ol hin dabarsin herrega baankii isaanii irraa ni hir'ifama ykn qabeenyi ni gurgurama buusiin sooramaa gara fandii sooramaatti galfama.

36. Umuri Soorama Bahuu

1) Umuriin sooramaa wagga jaatamaa ta'a guyyaa dhaloota hojjetaa yeroo jalqabaaf qacarame irratti hundaa'uun. Damee ogummaa hojjetaan salphaatti bakka buufamuu hin dandeenye qofa keessatti daangan umurii keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kaa'ame salphaatti hojjettootaan kan bakka bu'u miti yoo ta'e,

Umurii sooramaa daangaa umurii murtaa'e ol murteessuu kan danda'u dirree hojii qofa. Gama biraatiin ammoo cimsee yookiin soorama hojjettoota hojii fayyaa fi lubbuu namaa balaa irra buusu irratti bobba'aniif daangaa umurii kaa'amee gadi ta'e umurii ba'uu murteessuu danda'a. Daangan umurii keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kaa'ame salphaatti hojjettootaan kan bakka bu'u miti.

37. Haala Kaffaltii Tajaajila Sooramaa Fi Durgoo

1. Yeroo addaan citu akkaataa Labsii Sooramaa Lakk.715/2003 hojjettoota dhaabbata dhuunfaa keewwata 8 tiin soorama tajaajilaa ni shallagamee dургоон ni kaffalamaaf.

2) Hanga soorama tajaajilaa hojjetaa waldaa hojii gamtaa kamiifuu kaffalamu bu'uura labsii lakk.715/2003 keewwata 9tiin hojjetaa dhaabbata dhuunfaatiif murtaa'een ni kaffalama.

38. Faayidaalee Adda Addaa

1) Kaffaltii Durgoo Gammoojjii Murteessuu

- a) Naannoo hojjetaan itti ramadamu baayyee ho'aa dha, akkasumas dhiibbaa inni jirenyaa fi hojii hojjetaa irratti qabus mindaa ykn deeggarsa dhibbeentaa baasii dandamachuuf bahu ofirraa ittisuuf kennamudha.
- b) Hojjetaa waldaa hojii gamtaa naannoo mootummaan dhaabbataadhaanramadame keessatti akka hojjetu ramadame mindaa ykn qarshii isaa irratti dabalataan mindaa ykn qarshii isaa keessaa %30 akka mindaa gammoojjiitti kan kaffalamu ta'a. Dabalataanis dhaabbatichi akka barbaachisummaa isaattidurgo gammoojjiitiifkaffalamuu qabu akka bakkichaatti ni murteessa.
- c) Hojjetaan durgoo gammoojji kan argatu yeroo hojiif gammoojjiitti ramadamee jiru qofa ta'a.
- d) Hojjetaan tokko qacaramee waliigaltee hojii yeroo mallattaa'u, mindaan gita hojii tilmaama keessa galchuun kan murtaa'e yoo ta'e durgoon hin kaffalamu ..

2) Miidhaa Yeroo Hojii Irra Gaheef Tajaajila Yaalaa Haguugameef Kaffaltii Murteessuu

Kaffaltii tajaajila yaalaa waldaalee hojii gamtaatiin haguugame miidhaan hojii irratti hojjechiistotaa fi hojjettootaan mudateef murteessuu dhimmichi akkaataa tumaalee labsii lakk.1156/2011 tiin hojiirra kan oolu ta'a.

3) Wabummaa Inshuraansii Murteessuu

- a) Waldaan hojii gamtaa hojjettoota naannoo hojii balaadhaaf saaxilamu keessatti hojjetaniif inshuraansii kennuu ni danda'a.
- b) Kutaalee hojii balaadhaaf saaxilamoo ta'anii fi dambii ittiin bulmaataa waldaa hojii gamtaa jalatti inshuraansii barbaadan irratti hundaa'a.
- c) Hojjetaan waldaa hojii gamtaa tokko balaa yeroo hojjatu mudateen du'u ykn qaama hir'ina gartokkee ykn dhaabbataa ta'e balaa yoo mudate beenyaan kaffalamuu qabu Imaammanni inshuraansii balaa inni uwvisu qofaaf ta'a.

d) Hojjetaan kallattiin hojii oomishaa irratti bobba'ee maqaan isaa gara dhaabbata inshuraansii osoo hin dabarfamin inshuraansiidhaan akka haguugamu yookiin

kaffaltiin kaffaltii barbaachisu yoo hin kaffalamiin ykn waliigaltee inshuraansii yeroon yoo hin haaromfamne Kaffaltiin imaammata inshuraansii hojjettoota biroo hojjetaadhaaf kaffalamuu qabu kamiyuu yookiin dhaaltota isaa seera qabeessa ta'aniif kaffala.

4) Ittisa yeroo Balaa fi Uffata Danbii Seeraa Hojjetaa

